مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني-إثيوبيا

# الدليل المبسط في مقاصد الشريعة

محمد هاشم كمالي

# Qajeelcha Gabaabaa Kaayyolee Shari'aa Islaamaa Keessatti


Qopheessaan:

Muhammad Haashim Kamaalii



Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee – Itiyoophiyaa 2017 G.C

# الدليل المبسط في مقاصد الشريعة

محمد هاشم كمالي

# Qajeelcha Gabaabaa Kaayyolee Shari’aa Islaamaa Keessatti


**Qopheessaan:**

**Muhammad Haashim Kamaalii**


**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri


*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*



**Finfinnee – Itiyoophiyaa   2017 G.C**

**DF-E-TrBs-17/14**

## Baafata

**MataDuree** **Fuula**

1- Seensa………………………………………………..…3
2- Kaayyolee Shari’aa:Xiyyoowwan SeeraIslaamaa…..…..6
3- Keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa kan
Kaayyoleen Islaamummaa Bu’uureffatan........................7
4- Gosoota Kaayyolee Shari’aa……………….…………..12
5- Seenaa Kaayyolee Shari’aa…………….,,……,………..24
6- Kaayyowwan Daangessuu……………………….......33
7- Dhimmoota Akkaataa Adeemsaa Muraasa……….......41
8- Kaayyowwanii fi Carraaqqii……………….………….52
9- Bu’aawwanQorannoo kanaa……………..……………..59

## Seensa

Dhaabbanni Xiinxallaa Islaammaa Addunyaa qajeelchaa hiikkaa waa'ee kaayyoleeshari'aakana isiniif qopheessuuisaatiif gammachutu itti dhagahama.Ergaaleen kunis seera Islaamaatiifi kaayyolee amantii Islaamaa isa bu'uurati.

Barressan kitaabichaa *Muhammd Haashim kamaali* kan jedhaman nama beekaa ogummaa adda addaa irratti hayyuu ol'aanaa ta'ee fi waa'ee kaayyolee Islaamaa irratti ogeessa addaa kan ta'aniidha.

Waa'ee kaayyolee (erga shari'aa) kana irrtti afaan Ingiliziitiin kitaabonni hedduun waan hin argamneef, Dhaabbanni Xiinxallaa Islaammaa Addunyaa akka bakki duwwaan kuni guutamu murteesse.Sunis humna gahaa ta'e ramaduun kitaabota waa'ee kaayyoleeirratti barreeffaman hiikuufi raabsuu irratti bobbaasuu fimataduree wal-keessa fo'amaa ta'e kana warra afaan Ingiliffaa dubbisaniif dhiheessuuf yaaduudhaani.Dhaabatichi hanga ammaatti, kitaabota hedduu hiikee jira. Isaan keessa:

1- *'kaayyoleeshari'aaIslamaa'* jedhu afaan Ingiliffaatiin hiikee raabsee jira. Barreessaan kitaabichaas *Shaikh Muhammad Axxaahir Ibnu Aashuur*jedhama.

2- kitaaba*'ilaalchakaayyolee Imaam Al-Shaaxibii biratti"* jedhu, barreessaan *Doktor Ahmad Al-Raysuunii*dha,

3- "*Gara kaayyoleeshari'aa hojjii irra oolchuu'*, barreessaan *Doktoor ImaaluddiinAxiyyaa*ti.

4- *‘kaayyoleeshari’aafalaasama seera Islaamaa, ilaalchasirna qabeessa”* jedhus qopheessee raabsee jira. Barreessaan kitaabichaas *Doktoor Jaasir Owuda*kitaabichi amma gara afaan Arabiffaatti hiikkamutti jira).

Matadureenkunbaay’ee wal-xaxaa fi dandeettii sammuu namaa qoruu of keessaa qaba, akkasumas kitaabbileenhedduun waa’ee kanaa irratti barreeffamann gara ogeessotaa fi beektotaa gurguddaa warra leenjiii qabanii giddu galeessa kan godhateedha.

Waajjirri dhaabbata Islaamaa dameenLandan keessatti argamu, kitaabota armaan olitti argaman kana birattis kitaabota saslphoo qajeelchaaf tolan kan mata duree kanaan wal-gitan yeroo yerootti maxxansa. Kan kana godheefdubbistootaaf kitaabota bifa salphaan qayyabachuun namaaf salphatuu isaanii dhiyeessuufi.

Tarreen kitaabota maxxanfamanii tun kitaaba kana irratti dabaluudhaan kitaabota armaan gadii kana of keessaa qabdi:‘ *kaayyoleeshari’aa: Qajeelchaa warra reef waa barachuu eegaluu’* barreessaan Doctor Jaasir Awudaa.*‘Akka kaayyolee Shari’aattiIlaalcha Islaamni misoomaaf qabu’*barreessaan *Muhammad Umar Shabaraati*. Kitaabonni kun lameenuu gara afaan Arabaatti hiikkamanii jiru, yoo Rabbi fedhe yeroo dhihoo kana keessatti ni maxxanfamu.

Anas sheek Alii

DhaabbataXinxallaa Islaamaa Addunyaatti Gorsaa Barnoota

Waajjira landan

Waxabajjii 2010 Rajab 1431 Hijraa

## KAAYYOLEE SHARI'AA:
## XIYYOOWWAN SEERA ISLAAMAA

Qorannoo ammaakana kutaaleeshaniitti qoqqooduun ilaalla.Kutaan inni duraa, hiikkaa walii galaa kankaayyolee shari'aa Islaamaatiifi Qur'aan kabajamaa ta'e keessatti bu'uura isaa ibsuudha.Kutaan lammaffaan immoo qoqqodamina fi qindoomina kaayyolee kanaatiif bu'uura kan ta'an duraa duuba isaanii tarreessudha.

Kutaan sadaffaanimmo, jijjiirama seenaa gosti barnootaa kun keessa darbeefi hayyoota gurguddoo ga'ee taphatan eeruudha. Xiyyeeffannaan guddaanasiirratti kenname, shoora *Abii Ishaaq Ibrahiim Ashaaxibii*yaada kaayyolee Shari'aaIslaamaa keessatti taphatan ibsuudhaani.

Kutaan afraffaan tooftaalee hayyoonni kaayyolee Shari'aa gargar baasuu fi hubachiiuu keessatti hordofan ibsa. Kutaan shanaffaa fi kan xumuraa, hariiroo gidduu kaayyolee fi carraaqqii jiru irratti xiyeeffata. Akkasumas, shoora kaayyoowwan kuni carraaqqii cimsuu keessatti taphatanii fi qabiyyee ilaalcha carraaqqii kanaa babal'isuu fi gadi fageenyaan ibsuu of keessatti qabata.

## Keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa Kaayyolee Shari’aa Bu’uureffamaa Isaanii Irraa Fudhatan

Kaayoowwan Shari’aa Islaama jechuun xiyyoowwan Shari’aa fi ergaa isaa jechuudha. Qaphxiiwwan marii shari’aa Islaamaa keessaa qaphxiin marii baay’ee barbaachisaa ta’eedha.Haata’u malee matadureen qaphxii marii kun xiyyeeffannoo gahaa ta’e hinarganne.

Shariiaan Islaamaa walumaa galatti faayidaa dhuunfaa fi faayidaa hawaasaa irratti hundeeffama. Murtiiwwan shari’aa immoo faayidaawwan tana eeguu, haalli jireenya namaa akka laafuu fi toluuf haala mijeessiti.Kaayyoon guddaan Rasuulli (sw) ergamaniifmaal akka ta’e yeroo ibsu akkana jedha.

وَمَآ أَرۡسَلۡنَٰكَ إِلَّا رَحۡمَةٗ لِّلۡعَٰلَمِينَ ﴿١٠٧﴾ الأنبياء:107

*“Nuti kan si ergineef, akka addunyaa hundaaf gara laafaa taatuufi” (al-anbiyaa)*

Akkasumas Qur’aanni waa’ee mataa isaa yeroo mataa isaa ofii of ibsu akkana jedha.

وَشِفَآءٞ لِّمَا فِي ٱلصُّدُورِ وَهُدٗى وَرَحۡمَةٞ لِّلۡمُؤۡمِنِينَ ﴿٥٧﴾ يونس: 57

*Qur’aanni kuni dhibeelee qoma keessa jiraniif dawaadha, Warra rabbitti amaneef qajeellumaaf rahmata ta’a.[ yuunus 57 ]*

Keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa keessatti dhimmoota ciccimoo lamaan kana lafa qabsiisuu fi hidda itti gdhuuf jecha irra deebi’amee dubbatame. Dhimmoonni ciccimon lamaan

kunis gara laafinaa fi qajeeluma. Dhimmoonni lamaan kunis jidduu namaatti dabalamuu, namni kamiyyuu akka nama biraatii ol-hin ta’in mirkaneessuu fi rakkoowwan salphisuu of keessatti qabatti.

Akkasumas murtiileen Qur’aaniifi sunnaa kan irratti xiyyeefatani, wal-ta’iinsaafi wal-deeggariinsa jidduu miseensota maatiifi jidduu miseensota hawaasaatti cimsuu fi gamtaan jiraachuu. Haqummaan wantoota gara laafina Rabbii ol’aanaa ifa godhankeessaa mul’ata tokko kan ta’ee fi akkasumas kaayyoleeShari’aakeessa isa tokko.

Gara laafinni Rabbii faayidaa argamsiisuu keessatti ifa ta’a.Beektonni Islaamaa bu’aan ykn faayidaan kaayyoo guddaa Shari’aan lafa kaayamteef keessa isa tokko jedhu.Bu’aan immooguutumatti nahumsaa wajjiin wal-madaala.

Naamusa dhuunfaa eegsisuun kaayyoolee Shari’aa keessaa isa tokko, naamusni dhuunfaa kuni barbaachisummaan isaa barbaachisummaa bu’aa fi wal-qixxummaatii gadii miti. Haqqummaa fi dantaan gaafilee bu’uura hawaasaati, barbaachisummaan isaas kan ifa ta’u hariiroo hawaasaa irratti. Naamusa dhuunfaa sirreessuu jechuun tokkoo tokkoo namaa akka nama amanamaa ta’uu godhuudha. Akkasuma nama safuu fi sona Shari’aa Islaamaa baadhachuu danda’u godhuu jechuudha.

Nama dhuunfaa sirreessuu kana irratti wanti Shari’aan xiyyeeffanna keenneef, kaayyoo isaa kan

hawaasummaa guutuu fi kaayyoon inni guddaan keessattuu Rabbiin gabbaruu fi naamusa gaariin wal-qabate, nama dhuunfaa ta'e kana sadarkaa Rabbiin sodaachuun qabu akka inni mataa isaa keessatti of-uunuu fi dhala namaatti tla ooluu irratti isa leenjisuudha.

Keeyyattoota Qur'aanni kabajamaa waraabilee fi bakkee hedduu keessatti sababa murtiin tokko lafa kaayameef, kaayyoo fi bu'aa murtii sanii maal akka ta'e ibsee jira. Ibsi kunis hanga wanta Qur'aana keessatti dubbatametti dalaguun kaayyoon walitti hidhama waan qabuufqajeelatti ibsame.

Namni adeemsa Qur'aanaa hordofu addummaa murtiiwwan isaa bittaafigurgurtaa, akkasumas Rabbi gabbaruu keessatti kaayyoon kuni walitti hidhamaa ta'uu ni arga. FakkeenyaafQur'aanni akkaataa wudu'aa iitti godhan yeroo tarreessu bu'aan wuduni sun godhamuuf maal akka ta'ee itti aanee nuuf ibsa.

مَا يُرِيدُ ٱللَّهُ لِيَجۡعَلَ عَلَيۡكُم مِّنۡ حَرَجٖ وَلَٰكِن يُرِيدُ لِيُطَهِّرَكُمۡ وَلِيُتِمَّ نِعۡمَتَهُۥ عَلَيۡكُمۡ ﴿٦﴾ المائدة: 6

*Rabbiin rakkina tokkollee isin rakkisuu hin fedhu garuu isin qulqulleessuufi qananii isaa isin irratti guutuuf malee.*

[ Al-maa'ida: 6]

Salaata mataa isii ilaalchisee immoo Qur'aanni akkana jedha

إِنَّ ٱلصَّلَوٰةَ تَنۡهَىٰ عَنِ ٱلۡفَحۡشَآءِ وَٱلۡمُنكَرِۗ ﴿٤٥﴾ العنكبوت: 45

*salaanni (wantoota)fokkatoofi jibbamoo ta'an irraa (nama) dhorgiti . Al-ankabuut: 45*

Waa'eeqabsooilaalchisees dubbichi akkasuma Qur'aana kabajamaa ta'e keessatti, kaayyoo fi ergaan isii maal akka ta'e nuuf ibsee jira.

أُذِنَ لِلَّذِينَ يُقَٰتَلُونَ بِأَنَّهُمۡ ظُلِمُواْۚ ﴿٣٩﴾ الحج: 39

*Warrootadiinaan lolamaniif sababa miidhamuu isaaniitiif jecha akka of irra deebisaniif jecha hayyamni isaaniif godhameef. [ Al-hajji 39]*

Kana jechuun nama isaaniin lole of irraa deebisuun isaaniif eyyamameefi jira jechuudha. Kanaafuu jihaada irraa wannii fedhamegochaa haqa maleessa (miidhaa) dheewwuudha. wanti salaataasagaduun barbaachiseef immoo gara qulqullina ruuhiitiifi dalagaan tolutti gayuufi.Bu'aan kunis waan namni salaatu wudu'a godhu, qulqullina qaamaa isaa qulqulleeffachuu irraa argatuudha.Akkasumas Qur'aanni waa'ee adabbii keessatti harkaa deeffachuu yeroo dubbatu, kaayyoo harka deeffama kana akkanatti ibsa.

وَلَكُمۡ فِي ٱلۡقِصَاصِ حَيَوٰةٞ يَٰٓأُوْلِي ٱلۡأَلۡبَٰبِ لَعَلَّكُمۡ تَتَّقُونَ ﴿١٧٩﴾ البقرة: 179.

*'Yaa warra sammuu qabdan "qisaasa" ykn harka deeffannaa keessa lubbuu du'a irraa baraarutu jira, akka isin*

*ajjeechaa irraa of eeggattaniifi (kan qisaasa karaa goonef)'. Al-|Baqara 179.*

Qur'aana kabajamaa sababa ta'eef akkanatti ibsa.

كَيۡ لَا يَكُونَ دُولَةَۢ بَيۡنَ ٱلۡأَغۡنِيَآءِ مِنكُمۡۚ ﴿٧﴾ الحشر: 7

*Akka qabeenyi kun jidduu namoota dureeyyii qofatti hin naannofneef. Al-hashir 7.*

Bakka biraatti immoo saala biraa irraa ija ofii gafi qabachuu irratti ajaja Rabbiin baase argina. Sababni ija gadi qabachuun barbaachiseef qur'aanni akkanatti ibsa.

ذَٰلِكَ أَزۡكَىٰ لَهُمۡۚ ﴿٣٠﴾ النور: 30

*Ija gad qabachuu keessantu isaaniif irra qulqulluu dha. Al-nuur 30*

Namoonni Qur'aana hordofan, ajajni shari'aa ISlaamaa maaliif akka kaayame Qur'aanaa fi Sunnaa keessatti fakkeenyota hedduu kan sababa wanti sun karaa gdhameef ibsan tarreessuu danda'a. Kanas godhuun kan danda'amuun ibsoota ifa galoo gochoota kana ibsanitti geeddaramuudhaani. Bifuma wal-fakkaatuun namni Qur'aana sirritti hordofu kuni akka Qur'aanni dalagaalee hamtuu fi fokkisiisaa ta'an irraa nama seeruu ni hubata. Dalagaalee fokkisaa kana irraa Qur'anni yeroo nama seeru, adabbii fi akeekkachiisa cimaa ta'etti fayyadama. Kana kan godheef badii, loogii fi nama miidhuu irraa of qusatan akeekkachiisuufi.

Dirree daldalaa, bittaafi gurgurtaa keessatti, Qur’aan saamichaafi dhaladaldalaa dhuunfatanii qabachuuni dhoorga. Sababni isaas gochoonni kunniin dalagaalee hubaatii guddaa geessan kan kaayyoo shari’aa ISlaamaa bittaa fi gurgurtaan loogii irraa bilisa ta’e fiduu fi kaayyolee san faallessan waan ta’eefi.

Yaadni bal’aan murtiile hunda duubaan jiran faayidaawwanqabatamaa argamsiisuudha.Kuni qabxii marii ijoofi qorannoowwan kaayyoolee shari’aa keessatti gubbeessituu akkaan barbaachisaa waan ta’eefiidha.

Haqni ifa bahuun mataan isaatuu faayidaadha.Naamusa nama dhuunfaa tokko sirreessuun faayidaa guddaadha. Kanaafuu “faayidaawwan” maqaa biraa “kaayyoleef”kenname jechuu ni dandeenya. Kanaafuu beektonni jechoota lameen kana (faayidaa fi kaayyoo) kana akka jecha tokkootti osoo adda adda hin baasin itti fayyadamuu.

## Gosoota Kaayyowwanii

Beektonni (ulamaa’onni) gosoota kaayyolee ykn faayidaalee hunda garee sadi’itti qoodanii jiru. Kan barbaachisummaan isaa irra caalu irraa jal-qabanii kan isaa gadii itti aansuudhaan, wal-duraa duubaan tarreessanii jiru. Ol aanaan kaayyolee kanaa‘waan baay’ee barbaachisaa’ ta’eedha, innis wanta dhiisuun hin danda’amne. Kan isatti aanu ‘barbaachisaa’ innikun faaydaawwanwantoota baay’ee barbaachisanii ta’anii

san guuta. Kan kanatti aanu ‘fooyyessaa’ jedhama, innis waan jaalatamaa fi filatamaa ta’ee kansadarkaa barbaachisummaa bira hin geenyeedha. Baay’inni wantoota dirqamaan barbaachisanii shani; isaanis: - 1. Amantaa eegu 2. Lubbuu eegu 3.sanyii eegu 4.Sammuu eegu fi 5.Qabeenya eeguudha.

Wantoonni dirqamaan baay’ee barbaachisan kuni akkuma maqaan isaanii akeeku wantoota jireenyi hawaasaa akka qajeeluuf sirritti barbaachisaniidha. Kanuma wajjiinuu jireenyi dhuunfaa fi nageenyummaa mataa ofii eeggamuun akka argamuuf jecha waan hafiinsa hin qabneedha. OsooKaayyoleen tun diigamtee, silaa diigamiinsi kunsirna hawaasaatii fi jiruu isaa qajeeltuu tana gara jeequmsaafi diigamaatti isii geessa ture.

Kanaafuu shari’aan Islaamaa kaayyolee kanniin eeguu irratti xiyyeeffatti. Kaayyoowwan isii kana eeguu fi jajjabeessuun, akkasumas dhimmoota barbaachisoo armaan olitti eeraman saniin eeguuf jecha adeemsaa fi maloota ittiin eegan hundaa deeggaruudha. Qabsoon *(jihaadni)* wanni kaayameef amantaa eegufi. Akkuma kana qisaasnis (miidhama nama irra gaye keessatti harka deeffachuunis) wanni seera gdhameef jireenya ilma namaa kana eeguuf jecha.

Shari’aan murtiilee kaayyolee kana gargaartuufi fuula duratti isii deemsistu ni raggaasisa, akkasuma adabbiilee yeroo murtiileen kunniin jeeqaman fudhatamuu qabanis ni tuma. Murtiileen waan kana hir’isuu irratti adabanis kan akka hannaa, sagaagalummaa fi dhugaatii nama macheessu dhuguun

diliiwwan namni gochoota kana raawwatee isii irratti murtaayeedha. Wanti adabbiin kuni karaa godhameef akka namni yakka raawwatee fi kanyeroo inni adabamu argus jiilee yakka sana irraa fagaatuufi. Adabbiin duraa (hannaa) qabeenya nama dhuunfaadoorsisa. Kan lammataa (sagaagalummaan) immoo jiruu maatii diiga,kan sadafaa (farsoo dhuguun) immoo nageenya sammuu namaa irratti miidhaa qaqqabsiisa.

Yaada armaan olitti dubbatame kun akka hidda godhatu fi gadi dhaabbatuuf jecha, shari'aan dalagaafi sochii daldalaatti nama kakaasa, akkadhuunfaan tokko soorataisaa dalagachuu irratti cimee hojjatu godha. Shari'aan Islaamaa akka dalagaan daldalaa- bittaafi gurgurtaan- gufuufi rakkina tokko malee gabaa keessatti akka itti fufuuf baay'ee itti yaaddaya, baay'ee deeggaras.

Nageenyummaaa maatiitiin wal-qabatee, akka tokkoon tokkoo maatii sanii nagahaa fi tasgabbii argatuuf jecha, shari'aan Islaamaa murtiilee hedduu lafa kaayee jira. Akkasumasshari'aan barnoota barachuu fi barsiisuu irratti nama kakaasa. Kanas kan godheef nageenya saammuu, aadaa, duudhaa fi sammuu ummata sanii eeguu, guddina beekkumsaa, ogummaa fi guddina qaroomina ilma namaa goonfachiisuufi.

Gabaabumatti faaydaawwan ilma namaatiif bu'uura ta'an mirkaneessuun yaada walii galashari'aa keessatti sadarkaa duraa irra qubata jechuun ni danda'ama. Kanas kan jenneef, murtiileenshari'aakamiyyuu faaydaawwan ilma namaa kana

eeguufkan karaa godhamtee fi bu’aa namaa jiddu galeessa godhattee waan sosochootuufi. Faayidaawwan kunniin kaayyoleeshari’aa ijoo ta’an ibsu jechuun ni danda’ama.

Kaayyoleeshari’aa keessaa gareen lammataa ‘barbaachisaa’ jedhamee kan waamamu, akkuma jenne, xiyyeeffannaan isaa guddaan kaayyoowwan barbaachisoo ta’an san guutuuf oola. Hiikkan isaas: faaydaawwan rakkoofigadadoo nama irraa balleessuuf oolaniidha. Garuu rakkinichifi gadadoon sun sadarkaa sirna waliigala ummataadoorsisuutti hingahu. Garee kana jala wantoonni Rabbiin ‘laaffisse’baay’eetu jira. Fakkeenyaaf: salaata gabaabsu, namni dhukkubsateefi karaa deemaa jiru somana hiikuun eeyyamamuufi fa’a. Isaan kunwantoota shari’aan Muslimoota ittiin qananiiseedha. Kaayyoon isaas nama irraa rakkoo kaasuudha.Laaffisuunkun argamun sadarkaa wanta baay’ee barbaachisu gahuu dhabus, namni yeroo baay’ee rakkataa ta’e laaffisiisa kana malee jiraachuu hin dandeenye waan jiraniifi.

Gabbara Rabbii (Ibaadaa) kan dirqama ta’e hunda keessatti laaffisuun akka jiru nihubanna. Diree bittaafi gurgurtaa keessattis shari’aan walii galtee adda ta’an raawwachuu eeyyamee jira. Walii galteelee addaa sana keessaa kan akka gurgura *(salam)* waan ceekkuu irratti ibsame gurguruu, akkuma kana walii galteen waa kireessuu fi kireeffachuu fa’a. wanti gosti walii galtee akkanaa kuni hayyamameefis, ilmi namaawalii galteelamaan kanatti hajama waan ta’eefi. Kunikan ta’e walii

galteen kuni lachuu akkuma jenne- hamma tokko karaa waliigalaa murtiile irraatti wal-dhabuu of keessaa qaba.

Dirree murtiile maatii keessattis, shari'aan yoo waliin jiraachuun baay'ee ulfaatee argame, wal-hiikuu eeyyame jira. Inni kunis laafiinsa dabalataati.Kaayyoon guddaan shari'aan wal-hiikuu karaa gooteef nagaha maatii eeguu fi walitti bu'iinsa diigama guddaa jidduu maatii fi ilmaan isaaniitti fidu hambisuufi.

Bu'aa garee lammaffaa kana jalatti ramadaman keessaa kan hawaasa bifa walii galaatiin yaachisu yoo argame, dhimmi kun gara sadarkaa garee duraa sanitti ol-guddatta.Fakkeenya kanaas akkaarmaan gaditti ibsuuf yaalla. Walii galteen waa kireessuu fi kireeffachuu yoo sirrii ta'ee argame, namoota walii galtee kana waliif mallatteessaniif faayidaa sadarkaa lammaffaati. Garuu hawaasa walii galaatiif barbaachisummaan nageenya walii galtee kanaa sadarkaa hedduu yaaddessaa ykn barbaachisaatti ol-ka'a.

Wantoota garii laaffisuun (salphisuun) amantii Islaamaa ibaadaa (gabbara Rabbii) keessatti karaa gdhe yoo ilaalle, nama dhuunfaa tokkoof barbaachisummaan, wanta sanaa sadarkaa lammaffaa irratti yoo argamu, hawaasa bal'aaf immoo sadarkaa tokkoffa irratti argamuun isaa ni mala. Bu'aa tokko irratti yoo gareen wayii wal-dhaban, bu'aa irra xinnaa ta'e bu'aa isa guddaaf akka aarsaa kaffalu goona. Garuu yoo wal-dhabiinsi jidduu bu'aalee jiru baay'ee wal-xaxaa ta'ee argame, isa

kamiittu irra caalaa barbaachisaa ta'uu addaan baasuu hin dandeenne jiddutti yoo uumame, si'a kana faaydaa argamu caalaa miidhaa inni qabsiisuu danda'u san irratti xiyyeeffanna. [1]

Sababaan kanaa akkuma ergamaan Rabbii (SAW) Hadiisa keessatti himanitti shari'aan jalqaba irratti kan isiin itti dhimmamtu dhara dhabamsiisu irratti. Hadiisnis yaada kana akka armaan gadiitti ifa kan godha:

(إذا أمرتكم بأمرفاتوا منه ما استطعتمو إذا نهيتكم عن شيئ فاجتنبوه)

*( waa tokko yooitti isin ajaje hamma dandeessan irraa hojjadhaa waan tokko irraa immo yooisin dhoowwe irraa fagaadhaa).*[2]

Kaayyoleeshari'aa keessaagareen sadaffaan *tahsiinyyaat* jechuudhaan kanmoggaafamte yoo ta'u, isiin tuni akkuma jenne wantoota jaalatamoo yookaan barbaadamoo ta'an of keessatti hammatti. Kaayyoleen isii fedhiilee sadarkaa lammaffaa irratti argaman sanniin namaa guutuudha. Amalootaa fi naamusa keessatti immoo gara wanta amala san guutuu godhee argamsiisuutti oldabalti.

Fakkeenyaaf: shari'aan yeroo salaataaf ka'an qulqullina qaamaatiifikanuffataa eegachutti nama ajajja. Guyyaa Jimaataa nama dhiiraa akka waa urgeeffatu fa'a irra barbaaddi.Faallaa kanaatiin immoo, shari'aan nama salaata gamtaa (jam'aa)

---

[1] - Yuusuf Al-Qardaawii: (Madkal lidiraasaati Asharii'aa Al-Islaamiyyaa: Kaayiroo: mana kitaaba Wahbaa, 1411H/ 1990A.L.A): fuula 71-70.

[2] -Annasaa'ii, Assunan, Almanaasik, dirqamummaa Hajjii.

deemu shunkurtii dheedhii akka hin nyaanneirraa isa dhoowwiti.Fakkeenyi biro, shari’aan nama Muslima ta’e tokko zakaa dirqamaan baasuu qabuun alattiskennaa (sadaqaa) akka kennatuisa kakaasti. Dirree salaataa irrattis shari’aan akka Sunna salaatu isa kakaasa.Kana qofaa mitifakkeenyonni jiran baayyee hedduudha.

Akkasumas shari’aan dirree hariiroo hawaasummaa keessattis,gara-laafummaafi haasaya toluu fi bareeduu,amala gaarii qabaachuu fi tola namatti ooluu irratti nama kaasa. Akkasumas abbaa murtii fi hoogganaa ol aanaa irraa adabbii nama irrattimurteessuuf baayy’isanii hawwuu dhabuu irraa barbaada. kuni watoota filatamoo fi jaalatamankeessaa isaan muraasa. Wantoota armaan olittitarreessine kana irraa wanni barbaadamu; jiruu gama hunda isiitiin bareedduu fi guutamtuu taate ilma namaatiif argamsiisuudha.

Kaayyoon sadaffaan tuni barbaachisummaa addaa qabaachuun isii ni mala. Kaayyoon tun baay’ee bal’oo fi waa heddu of keessatti hammatti. Kaayyoleebiraa wajjiinis walitti hidhamti.Fakeenyaaf: namni tokko salaata dirqamaa yeroo sagadu gosa hidduun yeroo inni gaggeessuargina, sunis yeroo salaatu yaanni sammuu isaa kan bakka salaataajiru ta’ee yookiin kanhin jirre ta’ee, utubaaleesalaataa hunda guutee argamuu fi argamuu dhabuu, salaata kana suuta jedhee osoo hin jarjarre tasgabbiin salaatuu, ykn jarjaraan haala sammuun isaa jeeqameensalata kana sagaduu fa’atu irraa mul’ata. Asirratti

garaagarummaan gidduu raawwii salaata kanaa jiru ifa galaadha. Namtichi salaata akka gaaritti guutee salaate, waan dirqamaa fi bu'uura ta'e; akkasumas waan jaalatamaafi barbaachisaa ta'ee dalagee jira. Namticha salaata gosa lammaffaa salaate immoo, dilii (yakka) salaata dhiisuu qofa jalaa bayee jira. Raawwiin akkanaa kunamaloota ilmi namaa calaqqisiisu hunda keessatti mul'ata, akkasumas murtiilee shari'aa hunda tole jedhee fudhachuu fi dhiisuu keessattis bal'inaan mul'ata.

Kallattiin biraa kan qoqqodama kaayyolee shari'aa kan ibsu ni jiru. Qoodamni kunis kaayyolee walii galaa fi kaayyolee dhuunfaa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Kaayyolee walii galaa jechuun kaayyoleeIslaamafi shari'aaIslaamaa wanta biraa irraa adda baaftu jechuudha. Kaayyoleen tun baay'ee bal'oo fi waan hedduu of keessatti hammatti. Fakkeenyaaf: miidhaa ofirraa ittisuun kaayyoo shari'aa isa waliigala keessaa isa tokko.Kaayyoleedhuunfaa kan jedhaman ammoo dhimmoota maatiin wal qabate, dhimma bittaa fi gurgurtaa, hariiroo dalagaa, ragaa bayuu, atoomsaafi kkf of keessatti qabatti.

Ammas qoqqoodama kaayyolee shari'aa kana ilaalchisee gosa qoodinsaa biraattu jira. Suniskaayyolee shakki hin qabanee fi kaayyolee shakkii qaban jedhamuun bakka lamatti qoodamu.

Kaayyoleen gosa jalqabaa (kaayyolee shakki hin qaban) kunQur'aannifi Hadiisa irraa ragaawwan ifa ta'aniin kan ibsamaniidha. Kan akka qabeenya namaa tiiksuu ykn gurra

namaa eeguu/maqaa namaa xureessuu dhabuufi fira dhiyoof gargaarsa mallaqaa godhuufi fa'a of keessaa qaba.

Garuu kaayyoleen tilmaamaan hojjataman sadarkaan isii hamma sadarkaa kaayyoleeisa jalqabaa san hin gayu. Fakkeenyaaf: Osoo namni tokko farsoo xinneessanii dhuguu fi gar-malee heddummeessanii dhuguun haraamummaan isaa waluma qixa, Rabbis kanuma itti fedhe yoo namaan jedhe, ilaalchi akkanaa kuni shakkii keessa nama galcha. Kuni laafumatti, farsoo irraa hammi xinnoon nama macheessuu dhabuun ni mala. Macheessuu fi macheessuu dhabuudha kan farsoo akka haraama taatu godhe.Sadarkaan farsoo dhuguu dhoowwuuinni duraa sun (xiqqeessanii dhuguu) sadarkaa dhoowwuu isa lammaffaa (baay'isanii dhuguu) kanaa gadi taati.

Hayyuun*Shaxibii* jedhamus qoqqodama kaayyolee shari'aa kana karaa biraatiin akka armaan gadiitti qooda.Sunis kaayyolee qaama seera tumuu fi kaayyoleenama seera tumame kana hojitti jijjiiruuti. Fakkeenyi isa jalqabaa, dhala namaa jireenya gaarii fi bareedaa ta'e jiraachisuu. Kuni kaayyoo ifa galaa Rabbiin ol-aane murtiilee shari'aa irratti bu'uuresseedha. Fakkeenyi kaayyoo lammataa immoo, namni tokko wanta sooratu argachuuf jecha dalagaa barbaadachuu qaba. Kuni dhimma ykn kaayyoo namadhuunfaa dirqama Rabbiin itti kenneen dhaabatuuti.

Gosoota kaayyoleen ittin qoqqodaman keessaa kan biraa, kaayyolee hundeefi kaayyolee hordoftuujechuun bakka lamatti

qoodamu. Kaayyoleen hundee kun kan matama isiitiif barbaadamtu yoo taatu, kaayyoleen hordoftuun (maxxantuun) immoo waan biraatiif haala mijeessuuf barbaadamti. Gosti Kaayyoo inni duraa (kaayyolee hundee) kaayyoleeijoo dhimmi ittiin madaalamuudha. Jalqabumayyuu wanta qaamni seera baasu (Rabbi) yookiin ilmi namaa barbaaduudha. Kaayyoowan tun ilaalcha murtiiwwan shari'aa keessatti akka jalqabaatti ilaalmti.Ilmi namaas akkasumayaaddan, dalgaawwanii fi amala isaanii keessatti akka kaayyoo isaanii kan jalqabaatti fudhachuu qabu.

Fakkeenyaaf: barnoota barachuufi barsiisuun kaayyoo ijoodha. Faaydaan isaas akka namni Rabbii isaa beekuu fi karaa sirrii isa ittiin gabbaran beeku ibsaaf. Akkasumas akka namni uumaa Rabbiin uume kana beekuu fi qoratee irra gahu godha. Haaluma kanaan faaydaan ijoo gaa'ile raawwachuu irraa argamus ilmaan wal- irraa horuudha. Faaydaan ijoo barnoota hordofuu beekkumsa dabalachuudha.

Kaayyoleen lammaffaa kan hordoftuu (maxxantuu) jedhamuun beekkamtu immoo kaayyoleeijoo guutuu fi deeggaruudha.Fakkeenyaaf: kaayyoon lammaffaa gaa'ila raawwaachuu irraa eeggamu, wal-jaalalaafi wal-qunnamtii saalaati. Kaayyoon lammaffaa barnoota barachuu irraa eeggamu waraqaa ragaa Yunivarsiitii irraa argachuu, haala jireenya dhuunfaa fooyyeffachuu dandeetti waa dubbachuufi hariiroo

namaawajjiin jiraachuudanda'uu fooyyeffachuuf ta'uun isaa ni mala.[3]

Kaayyoowwan dhimmoota baay'ee barbaachisaa ta'an waliin sirritti walitti hidhama qabdu hunduu kaayyoo dirqamaa kanshakkii hin qabne jedhamuun beekamti.Haaluma kanaan kaaayyoleen keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irraa bifa ifa galaatiin ibsamanis kaayyoo kana jalatti ramadamu. Kaayyoon sadarkaa qoqqoodama lamaan kanatti hin geenne immoo yoo beektonni irratti walii galanii fi yoo seerrishari'aa isa deeggaru jirate, kaayyon kuni gara kaayyoo shakkii hin qabneetti ol-guddataa deema.

Kaayyolee dabalataa kandaangaa yaada armaan olitti dubbatameettiin ala jiran immoo kaayyolee shakkisiistuu jechuudhaan yaamna. Sadarka kaayyolee shakkii hin qabneetti ol-fuudhuuf walii galteen beektota hedduu argamuu ykn ibsa seerashari'aa gahaa ta'ee argamuu qaba. Yoo kaayyoleen shakkii hinqabneefi kan shakkii qaban wal faallessan dursi kaayyoo shakkii hinqabneef kennama.

Kaayyolee shakkii hinqabne keessa ammas duraafi aantee tarreessuun nijira. Fakkeenyaaf wanti amantaafi jiruu namaa tiiksu hunduu kaayyoleebaay'ee barbaachisoo ta'an sadanhafan san dursa. Kaayyolee sadeen hafan san keessatti ammoo maatii eeguun tokkoffaa ta'a, san booda sammuu

[3]- Abu Ishaaq Ibraahiim Al-Shaaxibiyyi, Al-Muwaafaqaatu fii Usuul asharii'aa (Kaayiroo: almaktaba attijaariyyaa alkubraa), boqonnaa 4ffaa, fuula 179.

eeguufi qabeenya eeguutu itti aana.Haaluma kanaan kaayyoleen hundee fi damee jedhamanii qoodamanis duraa fi duuba wantootaa qab. Kaayyoon bu’uuraa sadarkaa jalqabaa irratti yoo argamtu kaayyoon dhimma barbaachisaa fi dhimma jaalatamaa immoo wal-duraa duubaan sdarkaa lammaffaa fi sadaffaa irratti argamti.

Garuu kana hunda erga mirkaneessineen booda, asirratti gaafii guddatu nuqunnama. Innis qabatamaan kaayyoo tokkoo sadarkaa kennuu keessatti, akkamitti namni sadarkaalee kaayyolee kana mirkaneessu; murtii sababa gahaa ta’e hin qabne kennuu irraabilisa ta’uu danda’a? Kaayyoleen yookiin faaydaawwan kunniin wantoota qaama dhuunfaa tokkoof ykn garii wayiitiif loogiin akka hin godhamne yeroo maalummaa fi sadarkaa kaayyoo kanaa murteessinu seera baay’ee cimaa fi dhugaa irratti hundaa’e qabaachuun nu barbaachisa.

Furmaanni guddaan kan jiru, hubannoo sirrii ta’e qabaachuu keessaa kaayyoowwan kuni sirritti sadarkaa isaanii eeggatanii kaayamuu fi dhiisuu isaa kan ittiin beekkamu fi ittiin mirkaneeffamu, marii fi carraaqqii bifa gareetiin adeemsifamuuni.

Wantoota nama waa qoratu tasgabbeessankeessa tokko kaayyoleen kun sirrii ta’uu isaa gorsaafi eyyama caffee beektotaa irraa argachuudha. Kunis isa fayyaduuf haala galumsa kaayyolee kanaa duraa duuba isaa eeguu irratti hundaa’ee siyaasaa fi seera tumachuu keessatti dhimma itti bayachuufi.

Caffeen akkanaa kunkoree bara dheeraaf turuu dandeettu, kanqaama seera tumuirraa maddite dhaabbachuu ni danda'a.Koreen tun namoota beekkumsa shari'aatiif muuxannoo biroo qaban of keessaa qabdi.Dirqamnikoree kanaas ergaa fi yaada irra gayame bifa sirriin dheyeessuudha.Dlagaan koree kanaasdalagaa qaama seera tumuufi siyaasaa mootummaa wajjiin wal deeggaraa ta'uu qaba.

## Seenaa Kaayyolee Shari'aa

Kaayyoleeshari'aa irraa mata dureen barbaachisaan kun, matadureewwan shari'aakeessaa tokkota'uu wajjiin warra seera shari'aa qoratu (fuqaa'ota) biratti, seenaa Islaamaa keessatti xiyyeeffannaa guddaa hin arganne.Kanaafuu qorannoowwan kaayyoleeshari'aa irratti taasifaman qorannoowwan haaraya hambaalee mazhaboota Islaamaa irraa ergifataman jechuu ni dandeenya. Inumaayyuu kitaabonni *usuulal-fiqhii*hedduun qorannoo isaanii keessatti mata duree dhimma kaayyoo shari'aa kana ibsan akka hin barreessin ni mul'ata. Sababni isaas, mata dureen kaayyoo shari'aa kun gara caalu falaasama seera tumuu fi ijjannoo seerri sun kaayyoo kana irratti qabu irratti xiyyeeffata malee mata dureewwan *fuqahaa'onni* baay'inaan qorannoo irratti gaggeessan san irratti hedduu hin hin xiyyeeffatu waan ta'eefi.

Kaayyoleen shari'aa kun dameelee shari'aa biroo irraa of danda'aa fi qorannoo carraaqqiitiin walitti hidhama guddaa

qabaatus, garuu qorannoowwan isaas qorannoo dhimma carraaqqii gaggeessuu irratti barreeffaman keessattis bakkee isaan malu hin arganne.

Xiinxallaan fiqhii Islaamaa akka walii galaatti keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa wahyii akkuma jirutti dhimma itti bahutti ajaja. Akkuma kana barnoonni usuul al-fiqhis kaayyoo kana jabeesse deeggaraa ture. Yaanni qayyabannaa gubbaa qofaa kun beektota keessaa warra Hadiisaa biratti hedduminaan mula'ata. Beektonni Hadiisa shari'aa kana akki isaan itti ilaalan yaada ykn ergaa seerotaa, ajajaa fi dhoorgama ilma namaatti kallatteffateedha jedhanii yaaadu. Wanti ilmi namaa dalaguu qabu hunduu, wanta Qur'aanaa fi Haddisa keessatti hubate hojii irra oolchuudha.

Garuu sahaabonni gurguddoon (waahillan ergamaa Rabbii) shari'aa kana maddaajajaa fi safuu (sonaati) jechuun ilaalaa turan. Ajajni kun isaan biratti sonaawwan gurguddaa ajajoonni kun itti deebi'an qabatamaan hojii irra oolchuudha.

Gabaabbinaan warroonnikeeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaaakkuma jirutti dhimma itti bayuu qabna jedhan jaarraawwan sadan jalqabaakeessatti kaayyoleeshari'aatiif xiyyeeffannaa guddaa hin kennine. Kaayyoon kunis xiyyeeffanna kana argate Imaam Al- Gazaaliin erga dhufeen booda (bara 505H/ 1111 A.L.Atti du'e). Isa booda immo Shaaxibiitu dhufe (bara790 H/1388 A L Adu'e). Harka

hayyuulee lamaan kanaa irratti ilaalcha ykn tiworii kaayyolee qindeessuu keessatti tattaaffii cimaatu jalqabame.

Manni barnootaa (mazaahibni) fiqhii gurguddoonni kallatti bu'uraalee kaayyooleenshari'aa qabatte kana hin mormine. Haata'u malee kaayyooleen shari'aa kunkaraa irra jireessa fiqhiitiin yoo ilaalle barbaachisummaanisaa sadarkaa lammaffaa malee dursi kan hin kennaminiif taate argamte. Kitaabota *UsuulAl-fiqhii* keessatti bakkeen kaayyoon shari'aa qabu kuni ifa galaadha.

Gareen (Zahiriyyaan) kaayyoolee shari'aa kan jedhaman kun wanta keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaakeessatti ifaan ifattidubbatame yoo jiraate malee fudhatama hin qabu jedhanii ifaan ifatti mormaa turan. Garuu irra jireessi fuqahaa'otaa (beektotaa) kaayyolee shari'aakeeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaan ifa ta'an qofa irratti kan hin gabaabbanne ta'uu ifa godhanii jiru. Namoonni kuniinshari'aan sammuu namaa dubbisa, bu'uurri sababa hundaa sammuu ta'uu qayyabatanii, murtiileen shari'aa hunduu sababa fi kaayyoo kaayamteefiin walitti hidhamti jedhanii amanu.

Beektonni Islaamaa *(ulamaa'onni)*waan kaayyolee shari'aafi ilaalcha isaa kan waliigalaatiin wal-dhabu qabachuun fudhatama kan hin qabne ta'uu isaa ifa godhanii jiru.Faallaa garee *Zaahiriyyootaa*kanta'an immoo garee *Baaxiniyyaatu* jira,baaxiniyyoonniergaa guddaa shari'aatiifi kaayyoon keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa yeroma hundaa hiikaa

keeyyatichaatiin alatti dhokatee argama jechutti amanu. Inumaayyuu hiikkaankeeyyatichaasirriin kan argamu isa keeyyata keessatti dhokate sani malee isa mul'ataa gubbaa kanaa miti jedhu. Moggaasni *baaxiniyyaa* jedhu kunis asuma irraa dhufe.[4]

Kara biraatiin, kaayyoolee shari'aa ilaalchisee kallattiiwwan *mazaahibaa*gosa baay'etu jira. Ijjannoon gariin isaan kaayyolee shari'aa kana irraa qaban baay'ee banamaadha. Garuukaayyoleeshari'aatiifi ergaawwwan isaa keessa lixuun ifatti hin deeggaran ture, ilaalchi isaanii kun ifa hin godhamne ture. Garuu kanuma wajjiinuu Qur'aanni kabajamaa ta'e matumti isaatuukaayyowwannii fi ergaa murtiilee isa keessa jiranii ifaan ifatti ibsa. Yeroo baayyee jechoota ifa ta'aniin sababaa amansiisaa ta'e kan murtiileen sun maaliif akka kennaman fi maalirra dhaabbatanii akka murtaaffamanis ifa godha.

Walumaagalatti sababni guddaan hayyoonni Islaamaa kaayyolee shari'aa kana daangessuu dhabaniif yaada kaayyoleekanaa ifa taasisuu keessatti waan hin taane jechuu fi raaguun argamuun ni mala sodaa jedhu waan qabaniif jechuunni danda'ama.

[4] - Ahmad al-Reeysuunii: Nazariyyat al-maqaasid inda Imaam Al-Shaaxibiyyi (Morookoo, mana maxxansaa Al-najaah Al-Jadiidah, 1411H/1991 A.L.A) fuula 149.

Dhugaa dubbachuuf, namni tokko osoo tilmaama irraa hin ka'in kaayyoo fi ergaan Shari'aan dhimma kanaa akkana akkana jedhee gonkumaa ibsuu hin danda'u.yoo kaayyoleen sun keeyyatoota Qur'aanaa fi hadiisaa keessatti ifaan ifatti ibsaman maleeGaruu kaayyolee shari'aa kanniin murtii keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti ifa godhaman sanqofa irratti gabaabsuun gahaa miti, isa kana bal'inaan dubbanna.

Haala kanaan jechi “maqaasid” (kaayyoowan) jedhu kunhanga jalqaba jaarraa afraffaatti barruu fi kitaabota fuqahaa'otaa keessatti otuu hin barraayin hafe. Jalqabni nama jecha kanatti fayyadameehayyuu Abuu Abdillaah Attirmiziyyu Alhakiim (bara310 H/922 A L A du'e) jedhamuudha. Isatti aansee, Imaam Al-Harameeyn Aljuweeynii ture (479 H/1085 A L A du'e).Aljuweeyniin nama kaayyolee shari'aa ilaalchisee jalqaba kitaaba barreessee, tarii inni nama jalqaba kaayyoowwan shari'aa bakka saditti qoode ta'uun ni mala. Qoqqoodamni sadeen sunis: dirqamoota, barbaachisoota fi bareechituudha. Qoqqooddaan isaa kunis guyyaasan irraa eegalee hanga aduu har'aatti fudhatama bal'aa argatee jira.

Isatti aansuudhaan barataan isaa Imam Abuu Haamid Al-Gazaaliin jedhamutu dhufee yaada Al-juweeynii kana dagaagsee guddise.Wantoota hidduu irratti barreessuudhaan baay'isee jira. Dhimma faayidaa walii galaatiifi sababaa irratti, kitaabota isaa lamaan '*Shifaa'ul galiilii*fi '*Al-Mustasfaa*' jedhamu keessatti sirritti ibsee jira. Ilaalchi Al-Gazaalii faaydaa

ragaa taasisanii qabachuu irratti akka haala waliigalaatti ilaalcha mormaa ture. Haata'u malee faayidaan sun kaayyoolee shari'aa kanjabeessitu yoo taate akka ragaatti itti fayyadamuu hayyamee jira. Kaayyoleeshari'aa irratti immo dubbii ifa galaa fi dhokata hin qabneen shari'aa nagaya waa shanii eeguuf kaayamte jedhee ifaan ifatti barreessee jira. Isaanis:- amantii Islaamaa eeguu, jiruu eeguu, sammuu eeguu, maatii eeguu, sanyii fi qabeenya eeguudha. Wantoota shanan tanaafsadarkaan duraa kennameefi isaan eeguun dirqama ta'a[5].

Kana booda barreessitoonni beekkamoo ta'an mataduree kaayyolee kana irratti hirmaatuu eegalanii jiru. Barreeffamoonni isaanii kun yeroo hunda sarara gad dhaabbataa qabatuu dhabus, yaaddan kaayyolee kanaa guddisuu fi dagaagsuun keessatti ga'ee hedduu barbaachisaa ta'e taphatee jira.

Barreessitoota kanneen keessaa Seeyfuddiin Al-Aamuudii (bara632 H/1233A.L.A.du'e),kaayyoleeshari'aa jechuun kun yeroo seeri waa wal-bira qabanii madaaluu *(qiyaasni)* tokko seera *(qiyaasa)* biraa wajjiin yeroo wal-faallessetti, ulaagaa ittiin wanta san wal-caalchisan jechuun ibse.Akkasumas gosootakaayyolee adda addaa jidduutti duraafi aantee tarreessuu keessatti qorannoo tarreeffamaa barreessee jira. Aamuudiin kaayyoleenshari'aa dirqamaa kaayyoolee shani

[5]- Abu Haamid Muhammad Al-Gazaalii, Al-Mustasfaa min Ilmi al-usuul (Kaayiroo: Al-Maktaba Attijaariyyaa, 1356H/1937 A.L.A) kutaa 1ffaa, fuula 287.

jedhee jala murus, garu Shihaabuddiin Al-Qaraafiin hayyuunMaalikiyyootaa, bara 684 H/1285ALA. Kan du'e gosoota shanan sanitti gosa jahaffaa dabalee jira. Innis dhageettii namaa eeguu (maqaa namaa balleessuu dhabuu).Qabxii 6ffaa dabalame kana immoo Taajuddiin Abdulwahhaab Ibnu Asusbkiin deeggaree jira (771 hi/1370 ALA du'e). Booda ammoo Muhammad Ibnu Aliyy Ashawkaaniinis yaaduma kana deeggaree jira(1259 H/1834 ALA du'e).

Tarreen dirqamoota shanan of keessaa qabdu tun, keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa irraa fudhatamte. Amantiin Islaamaa yakka tokkoof adabbii isaan malu daangessee lafa kaayee jira. Tokkoon tokkoo bu'aalee kanniinii maal akka ta'e ibsamuu qaba yaada jedhu hayyoonni hubatanii jiru. Hayyoonni Islaamaatokkoon tokkoon adabbiin shari'aa (huduuda) eegdu wanta cimaa bu'uura ta'e tokko ibsuuf akka kaayame irratti walii galanii jiru.Dhimmi dirqamaa jahaffaan immoo kandhageettii gurra namaa eeguu jedhu sun gara boodaa irratti dabalame dhufe. Jalqaba irratti hayyoonnigurra namaa eeguu qoonni jedhu kunqooda sanyii namaa eeguu yookiin firummaa eeguu jedhu keessatti hammatama yaadu jedhanii turan. Garuu deeggartoonni dirqama jahaffaa kanaa ragaan isaan dhiyeeffatan shari'aan qooda jahaffaa kanaafis adabbii of danda'ekan adabbii

sanyii namaa eeguu irraa adda ta’e lafa kaayeefi jira yaada jedhu dhiyeeffatan.[6]

Hayyuun Izuddiin Abdusalaam Assulamiin (660 H/1262 ALA du’e) jedhamuqorannoo kitaaba isaa beekkamaa *‘Qawaa’id Al-Ahkaami’*jedhamuu keessatti gaggeesseen dhimmoota kaayyolee murtiilee shari’aa akka qoratee fi kitaabuma kana keessattis kaayyolee shari’aailaalchisee kallattiilee adda addaatiinibsuuf akka yaalee fi dhimmoota sababaa fi faaydaa wajjiin wal-qabatan, yaalii waanwarri isa duraa barreesse irratti hamma tokko itti dabaluun barreessuu isaa nuuf himee jira.

Jalqaba kitaaba isaa keessatti kaayyoolee Qur’aana kabajamaa keessa kaayyoo inni guddaan faaydaawwaniifi tooftaalee faaydaaleen sun ittiindhiyaatu, faayidaaleen namaa guutamoon immo waan nama miidhu nama irraadeebisuu of keessaa qabdi jechuudhaan dubbate. [7] Dirqamoonni shari’aa hundi dirree addunyaattis ta’ee aakiraatti faayidaa ilma namaatiif argamsiisu irratti xiyyeeffatti jechuudhaan yaada dabalataa barreessee jira. Rabbiin ol aane ol aantummaa isaa keessatti ofii isaatii faaydaa hin fedhu. Namoonni tole jedhanii waan inni itti ajaje fudhachuunis isa hin fayyadu.Rabbiin san hudaayyuu oli.Cubbuun warra cubbuu hojjatuus isa hinmiitu,

---

[6] - Al-Qardaawii, Al-madkal, fuula 73.

[7] - Izzaddin Abdussalaam Assullamiyyi, Qawaa’id Al-ahkaam fi Masaalih Al-Anaam (kaayiroo: maxxansaa Huseeyniyyaa, 1351H), boqonnaa 1, fuula 8.

ajajamuun warra ajajamuus isa hin faayyadu. Kana jechuunshari’aan Islaamaa jalqaba irraa hamma xumuraatti faaydaalee gabaroota Rabbi Irratti kanfuuleeffate ta’uu mul’isa.

Taqiyyuddiin Ibnu Teeymiyyaan (728 hi/1328 ALA du’e) jalqaba hayyuu yaada kaayyoleen shari’aa dirqamoota shan ykn jaha qofaof keessaa qabdi jedhu nama mormeedha. Tarree kaayyolee dirqamaa kanatti waa hedduu dabalee jira. San keessaadhimmoota jiruu duniyaatiin wal-qabatanilaalchisee waadaa guutuu, hariirro firummaa cimsuu fi eeguu, haqa ollaa eeggachuu fa’a. Dhimmoota aakiraa ilaalchisee immoo jaalala Rabbii qabaachuu, dalagaa dalagan Rabbiif qulqulleessuu, amaanaa eeguu, amala bareedaa qabaachuu fa’a akka fakkeenyaattii tarreessee jira. [8]

Akkuma tarree kana irraa hubachuun danda’amutti Ibna Teeymiyyaan ilaalcha kaayyolee tarree dirqama muraasa qofa hammata jedhu irraa gara safuuwwaan dhimmoota hedduu of keessatti qabatuutti jijjiranii jiru.Ilaalchi Ibna Teeymiyyaakun yeroo amma kana qorattoota biratti fudhatama waliigalaa argatee jira. Ahmad Al-Reeysuuniifi Yuusuf Al-Qaradaawiifi kanneen biroos yaada kana deeggaranii jiru.[9]

---

[8] - Taqiyyuddiin Ibnu Teeymiyyaa, Majmuu’u fataawii sheek Al-Islaam bin Teeymiyyaa, kan waliti qabe (Beeyruut,, dhaabbata Al-risaalaa,1398H), fuula 134.

[9]- Al-reeysuunii, Nazariyyat Al-Maqaasid, fuula 44.

Hayyuun Al-Qaradaawiin tarree kaayyolee kana babal'iseewal-deeggariinsa hawaasummaa, bilisummaa, kabajaa ilma namaa fi obbolummaa ilma namaaitti dabaluun tarree kanniin hundabu'uura kaayyolee shari'aa godhee jira.[10] Gareewwaan/ treeleen dabalaman kun ragaaleen Qur'aanaa fi Sunnaatiin kan deeggaraman ta'uun shakki hin qabu, tarii ragaan kunis keeyyatoota kana irraa bifa waliigalaatiin waan dhufe wayii irraa qayyabachuun ykn raga dhimma kana addaan baasee ifatti dubbatetti dhimma bayuun isaanii beekamaadha.

Ani immoo tarree dirqama kaayyolee shari'aa kanatti guddina dinagdee, qorannoo, misooma saayinsii fi ogummaa gara ful-duraatti nama oofan itti ida'a.Wantoonni lamaan kun ummaanni Islaamaa ummatoota dachii keessatti akka sadarkaa ofii qabaatan godha. Wanta hamma ammaatti dhiyeessine kana irraa ifa kan ta'u.kaayyoleen shari'aa karaan isaa banaa kan ta'ee fi gadaa hunda keessatti kan babal'ataa deemu ta'uu isaati. Garuu haalli barbaachisummaa dirqamoota kaayyoowwaan kanaa yeroo yerootti wal-dhabaa deema.

## Kaayyolee Shari'aa Daangeessu

Armaan olitti akka hayyoonni qorannoo waa'ee kaayyoowwanii daangessu irratti wal-dhaban ibsinee turre. Karaan nuti akka karaa jalqabaatti dubbannu; karaa keeyyatoota

---

[10]- Al-Qardaawii, Al-Madkal, fuula 75.

Qur’aanaa fi Hadiisaati.Karaankunkaayyoleen Shari’aadhimma keeyyatootoonni Qur’aanaa fi Hadiisa ifa godhe qofa irratti gabaabbata kan jedhuudha.Kaayyoleen Shari’aa kun kan fudhataman yoo keeyyanni Qur’aanaa ykn Hadiisaa bifa ifa gala ta’een ajaja ifa ta’e qofa yookiin dhoorkaa ifa ta’e qofa dubbateedha. Akka yaada deeggartoota garee kanaatti; keeyyatoonni Qur’aanaa fi Hadiisaa kuni hundee bu’uureffama kaayyoowwan shari’aati. kana jechuun kaayyoowwan shari’aa keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaa kanaan alatti of danda’anii argamuu hin danda’an yaada jedhuudha.

Keeyyanni Qur’aanaafi Hadiisaa bifa ifa galaa ta’een, kaayyoo seerri tokko tumameef ibsa yoo ta’e, kaayyoon kuni jechuma san osoo bakkaa hin sochoofne dhimmicha san qofa ibsuuf oola jedhu. Haaluma kanaan yoo wahyiin bifa ifa galaa ta’e tokkoon dhimma wayii irraa dhoorge, kaayyoon isaa dhimma badaa (fokkisaa) san irraa of-eeguu qofa jedhuudhaan deeggartoonni garee kanaa yaada isaanii ibsatu.

Garuu yaada dinshaasha garee kanaa keessaa innii caalmatti haasayamu yaada hordoftoota garee*zaahiriyyaati*. Ergaan kaayyoo tokkoo waan keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisni bifa ifa galaa ta’een ibse qofa irratti gabaabachuu qaba jedhanii yaadu. Hayyoonni hedduunis keeyyatoota Qur’aanaafi Hadiisa

fudhatanii sababaa dhimmi sun lafa kaayameefi ergaan isaas maal akka ta'e fudhatu. [11]

Fakkeenyaaf: Shaaxibiin hayyuu baay'ee beekkama ta'ee fi qorannoo kaayyolee shari'aa geggeessuun kan beekkamu, ajajawwan kallattiin ifaan ifatti ibsamaniif ulfina fi kabajaa isaanii eeguun barbaachisaa ta'uu isaanii deeggara. Garuu Keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa ifa ta'e san qabachuun hamma sadarkaa qorannoo san irratti goguuttinama geessu hin qabu jedha. Kanaafuukeeyyanni ifa ta'e dhimma wahii irratti argamuun ergaa fi sababa dhimma sanii qoratu irraa nama hin dhoorgu.

Keeyyatoota ergaa fi kaayyoo dhimma tokkoo ifaan ifatti ibsan qofa irratti xiyyeeffannee, qorannoo sababaa fi ergaa dhimma tokko duubaan jiruu gaggeessuu dhabuun, dhugumaan ergaa fi kaayyoo shari'aa kan faallessuudha jedha Shaaxibiin. Goggogiinsi kuni keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa ifaan dhimma tokko ibsan san fudhachuu dhiisuu wajjiin wal-qixa. Keeyyanni Qur'aanaa fi/Hadiisaa tokko ajajas ta'u dhoorkaas ta'u kaayyolee isaatiifi sababaawwan isaa yaadataa yoo dubbifame, dubbisuun kun bu'uura jabaa irratti hundeeffamee jira jechuudha. Fedhii fi ergaa seera tumaatiinis wal-gita[12].

Shaxibiin yaada bifa sirrii kana gadi bu'ee yeroo ibsu akkana jedha: Kaayyoleen shari'aa kan namni tokko yeroo

---

[11] - Ashaaxibiyy, al-Muwaafaqaat, kutaa 2ffaa, fuula 393.
[12] - madda wabii gubbaatiin tokko.

keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaa isa bifa walii galaatiin dhufe dubbisu irra gahu gosa lamatti qodamu. Kaayyoo bu’uuraa fi kaayyoo maxxantuu jedhamu. Kaayyoon jalqabaa sun gosa kaayyoolee baay’ee barbaachisaa ta’aniiti. Isiinis kaayyoo namni tokko itti dhimmamuu fi dirqama san bayu qabu of keessatti qabatti. Dirqama bayuun kuni fedhii nama saniitiin walitti hin hidhamu. Garuu kaayyoon lammataa maxxantuu kan jenne sun hanga tokko carraa filannoo namaaf kenniti.

Keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa keessatti, ajajawwan bifa walii galaatiin dhufan dubbisuungaafilee baay’ee uumee jira. Fakkeenyaaf: dirqamni yookiin dhoorkaan shari’aa keessa jiru kuni kaayyoo shari’aan itti xiyyeeffattu keessaa isa tokkoo? Ajaja shari’aa kana gara mirkaneessuutti wanni geessu hoo kaayyoo shari’aa keessaa qooda qabaa? Gaafiin biraa ammoo keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa irratti qorannoo gaggeessuun kan dhalate akkana jedha: wanta ajaja faallessu irraa fagaachuun hoo kaayyoo yookiin galmee waraabbichi itti xiyyeeffatu sanirraa qaama irraa cituun isaa hinmalleedhaa?

Deebiin waliigalaa kan beektonni gaaffilee akkanaa kanaaf murteessan; dhimmoonni dabalataa kanneen ajajawwanii fi dhoorkawwan shari’aatti dabalamanii dhufan kaayyolee keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa irraa addaan hin baayan deebii jedhuudha.Gadi fageenyaan qrannoon erga gaggeeffameen booda hayyoota jiddutti wal-dhabiisni mul’ataa dhufe. Hayyoonni hedduunkan irratti wali galan wanta ajaja shari’aa

faallessu tokko yoo bifa ifa galaa ta'een ibsamuu fi daangeffamuu danda'a ta'e, wanti sun wantoota shari'aan irraa dhoorgitu keessatti ramadama. Ajajoonni shari'aa hedduun salphamatti kan fayyadamuun danda'amuu fi kaayyoon isaas ifa galaa kan ta'ee fi gochoonni ajajaawwaan shari'aa kan faallessaan immoo salphumatti keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa dubbisuun beekuun ni danda'ama. Kanaafuu hayyoonni akkana jedhan "Dirqama shari'aa tokko bayuuf gochoonni dalagaman hundinuu dirqama keessatti laakkawamu.

Shaaxibiinis karaa yaada kanaan wal-fakkaatu xiinxalee akkana jedhe: wanni kaayyoleen shari'aaakka guutamuu fi galma gayuu isaa mirkaneessan hunduu kaayyoleeirraayi. Kuni immoo gara dalagaa yookiin amala seera tumaan kallattiidhaan itti hin akeekin gaafachuutti nama geessa. Keessattuu yeroo yaanni Waliigalaa waraabbileebiraatiin walitti dhufeenya qaban yaada san irratti yookiin hojii san irratti yeroo ibsa wal-fakkatu kennan, gaafiin asitti ka'u, kaayyolee ajajakeeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti bif ifa ta'anirraa fudhataman waan ta'eef kaayyoleenkun karaa hordofuutiin yaada waliigalaa keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti ibsame irraa baasuun ni danda'amaa? Gaafii kanaaf yaanni Shaaxibiin kenne akka armaan gadii kanatti dhiyaata.

Shaaxibiin adeemsa keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa bifa walii galaatiin dhufte dubbisanii yaada biraa kan ergaa saniin wal-fakkatan irraa fudhachuu kana, maloota bu'uura

kaayyoowwan shari'aa ittiin beekkaman keessaa isa tokko jedha. Namni waraabbilee kana sirritti dubbisu, yeroo mata duree tokko dubbisu qajeelfama biraa hedduu arga. Garuu akeeknui sun bifa jala sararameen dhimma kanaaf jedhame jennee murteessuun ni ulfaata malee. Walumaa galatti namni keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa bifa dimshaashaatiin dhufe kana sirritti dubbisee qayyabate, murtii ykn firii qabatamaa ta'e tokko dhimmoota biroo kan yaada keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti dubbatameen wal-fakkaataniif kennuu danda'a.

Shaaxibiin yaada kana yeroo ifa godhuQur'aana keessatti bakka tokkottillee shari'aan faaydaa wali galaa ilmanamaa eeguuf buufame jedhee kallattiidhaan ibsu hinjirujedha. Kanumaa wajjiinuu yaanni shari'aan faayidaa dhala namaa eeguuf buufamuu kuni shakkii tokkos hin qabu. Kana immoo keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa adda addaa dubbisuu irraa ifa nuuf ta'a[13].

Shaaxibiin faaydaalee tokko yeroo ilaallu bal'ifnee qayyabachuun bifa faaydaaleejiruu duniyaa yookiin jiruu xumuraa hunda of keessatti qabatuutiin hubatuu qabna jedha. Akkasumas qayyabannaan keenna kun faaydaalee dhuunfaa kan hawaasaa, faaydaalee meeshaa, kan sammuu fi afuuraa, akkasumas faaydaalee yeroo gabaabaa keessatti mirkanaa'uun

[13] - kitaabuma dabre san, kutaa 2ffaa, fuula 6.

maluu fi faaydaa dhaloota dhufuu fayyadan hunda bifa qixxisuun ilaaluu qabna jedha.

Faaydaawwan bifa bal'aa ta'ekanaan ilaaluun miidhaa hunda dhoowwuufi fageessuf fayyada.Faaydaawwan bal'aa ta'an kanas sammuu nama carraaqqii kophaa isaatiin hubachuufi mirkaneessuutiin yoomuu hinmalu. Kanaafuuergaa faaydaalee bal'aa kanaa hubachuudhaaf ilmi namaa deeggarsaWahyii Rabbiitiifi qajeelcha isaa barbaada[14].

Kaayyoleekana gara bu'uuraalee sadan dirqamaawwan, barbaachisaawwan fi bareechisaawwaniitti qoqqooduun fi seera tumaan -Rabbiin ol'aanaan- kaayyoowwan kana hunda eeguu fedha jechuu kana hayyoonni keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa bifa walii galaatiin dhufan dubbisanii cuunfaa hubannoo kanaa irra gayanii jiru. Wanti kana jenneef, keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa keessaa ibsi ifaan ifatti qoqoodama kana deeggaru hin jiru waan ta'eef. Akkasumas murtiin shari'aan kan ibaadaan ykn gabbarri Rabbii kamiyyuu bifa carraaqqiitiin hin ta'u jedhus yaada ragaalee gara garaa dhimma kan irratti dhiyaatan keessaa murtii kana cuunfuunn argameedha malee murtii yaada tokkoon kan jala sararamee mirkanaayee miti.

Qajeelfamonni bu'uura armaan oliitti ibsaman kun, bu'urawwangurguddaa ta'uun isaanii ifa, sirrii ta'uun isaaniis

---

[14] - Ashaaxibii, Al-muwaafaqaat, kutaa 2ffaa, fuula243; Al-Qardaawii, Al-Makal, fuula64-65.

shakki hin qabu. Bu'uuraalee kanaan murtii kennuun bifa tilmaamamaatiinii miti.[15]

Akkasumas, hayyoonni karaayaada walii galaa dubbisanii murtii keessaa cuunfanii dirqamawwan shanan: amantaa, jiruu, sammuu, qabeenyaa fi sanyii eeguunwantoota shari'aa keessatti barbaaddamanirraa sadarkaa duraa irratti argama yaada jedhu irra gayanii jiru. Garuu keeyyanni dhimmoota shaman kana ykn kanaa gadis ta'ee kanaa ol bifa wal-duraa duubaa kanaan ibse hin jiru.

Tooftaan Shaaxibii kan dubbisa bifa walii galaatiin dhufe tokko dubbisanii ergaa fi yaada muraasa isa keessaa cuunfachuu kun, kaayyolee fi safuu qofa daangessuu irratti hin xiyyeeffattu, gara wantoota Rabbiin itti ajajee fi irraa seereettis ni qaqqabdi. Ajajni fi dhoorkaan kun kan argamu yoo keeyyatoonni bifa ifa gala ta'een dhimma kana ibsan jiraatani yookiin immoo keeyyatoota bifa adda addaatiin ibsaman hedduu dubbisanii qayyabachuun isii irra dhaabbatanii hiika walii gala tokko irra gayaniidha[16].

Shaaxibiin kana bira kutuudhaan ifatti akkana jedhuun dubbata: wanta hedduu dubbisneeseerotaa fi murtiileen isa keessaa cuunfinee baasuun kaayyolee fi bu'uuraalee shari'aa Islaamaa keessaa isa tokko. Kana jechuun seeronni fi murtiileen bifa kanaan irra geenne sadarkaan barbaachisummaa isaa kan

[15] -Ashaaxibii, Al-muwaafaqaat, kutaa 2ffaa, fuula 49-51.

[16] - kitaabuma kana, kutaa 3ffaa, fuula 148.

ajaja kallattiin ifatti Qur'aanaa fi Hadiisa keessattti dhufee caala jechuudha. Kana jechuun tooftaan kun, tooftaalee ijoo murtiilee tokko tokko fudhatanii ittiin raggaasisaniidha. Kuni tooftaa Al-shaaxibin kaayyolee Shari'aa beekuuf dhimma itti bayeedha. Kana irraa ka'uudhaan ga'een Shaaxibiin kaayyolee shari'aa keessatti taphate maal akka ta'e beekuun ni danda'ama.

Tooftaa Shaaxibiin hordofu kana qayyabachuuf kan nu gargaaru, eenyummaa nama dhuunfaa tokkoo beekuuf haa yaallu. turtii yeroo dheeraatiin booda amala fi naamusa isaa xiinxalluu eegaluun eenyummaa isaa beekna. Beekkumsi akkanaa kun ilaalcha bal'aa fi waan hedduu hammaatu qabaachuu barbaada. Inni kun beekkumsa gama hojiilee adda addaa guyyaa guyyaan namni sun dalagu xiinxalluu caalaa bu'aa qaba.

**Dhimmoota Akkaataa Adeemsaa Muraasa**

Qorannoon dandeettii fi dadhabina kaayyolee gara garaa wal bira qabanii ilaaluu, sadarkaan guddina isaa jalqaba irra jira. Murtiileen Qur'aanaa fi Sunnaa keeessaa baafaman sadarkaalee madaallii kaayyoleetiin walitti hin hidhamne.

Fakkeenyaaf: Ibu Aashuur akka jedhutti; waa'een kaayyolee bu'uuraa fi kaayyolee damee mirkaneessuu jijjiiramaa fi guddina tokko malee hafee jira. Yeroo kam kaayyoon qajeelfama ykn tooftaa taati jedhaniiaddaan baasuunni rakkisa. Akkasumas, kaayyolee galma ta'an kanas akkamitti kaayyolee biraatiiftooftaa ta'uun isaanii mala. Kuni hundi

akkuma Ibnu Aashuur jedhetti osoo hin jijjiiramin guddina tokko malee hafee jira. Hayyuun *IzzaddiinAbdussalaam Assullamii*jedhaman kitaaba isaaniiQawaa'id Al-Ahkaam jedhamu keessatti, dhimmoota kanatti xinnoo akeekee jira. Akkasumas hayyuun *Al-Qaraafii* kitaaba isaanii *Al-Furuuq* jedhamu keessatti dhimma kana eeranii jiru.

Dhimma kana keessatti wanni argame hundi dirqamoota shanan yookiin jahan san qoqqooduudha. Kaayyolee irraa gosni lamaan boodaa barabaadamaawwaniif bareechaawwan addaan baasuufi daangessuu tokko malee hafe.Kaayyolee gosa saditti qoqqooduun kun waan baay'ee barbaachisaa ta'ee fi jidduu kaayyoleekana addaan baasuun hedduu murteessaadha.

Dhimma kana ilaalchisee gaaffileen biraas ka'uun ni mala. Gaaffilee ka'uun malu keessaa akka fakkeenyaatti: qoqqoodama ibsine san keessatti bilisummaan dhuunfaa ykn wal-qixxummaan qooda kana keessatti argamtii? yaada jedhuu. Deebiin kanaa qoqqoodamni kutaa sadii qabu kun tasuma wantoota akkanaa qoratuuf bakka maluu miti. Bakki dhimma kana keessatti qoratuun malu, kaayyoo kutaa lama qabu,(kaayyolee hundeewwanii fi dameewwanii) san ta'uun ni mala.

Inumaayyuu qorannoon dhimma wal-qixxummaafi bilisummaa mataduree kaayyolee dirqamaa yookiin hundeelee jalatti argamuun isaa ni mala.Bilisummaafi wal-qixxummaan

kun qorannoowwan biroo kan kaayyoo bakka heddutti qoqqoodan keessatti argamuun ni mala.

Gaafilee kanaaf deebiiwwan gahaa argannullee gaafiiwwan birraas nu qunnamuun ni mala. Fakkeenyaaf:gosa mirgootaa keessaa mirga amantii, mirga sochu'uu fi mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu qooda kam keessatti argama? Gaaffiin jedhu ka'uun ni mala.

Gaafileen firummaa eeguu wajjiin wal-qabatanisni jiru. Akkuma beekamu sanyii eeguun dirqamoota keessaa tokko. Seerri fuudhaaf heerumaa sanyii eeguu wajjiin wal-qabataadha, tooftaan guddaan sanyii ittiin tiiysuu dandeennuus gaa'ila kanaani.Murtiin isaa kun fudhatama ni qabaataa? Gaaffiin namni asitti kaasuu danda'umurtimmaan sun bal'atee gaa'ila raawwachuu irratti ragoonni argamuu akka qabanis of keessatti qabata?. Inumayyuu gaaffiin babal'atee wal-hiikkaan gaa'ilaas tika sanyiitiif karaa godhamee laata? gaaffileen jedhamanis ni ka'u.

Dhimmoota dubbanne Kana hunda gosa wantoota barbaachisoo ta'anii keessatti ni lakkoofnaa?. Sunis seera shari'aa "wanti dirqamni isa malee hin guutamne tokko mataan isaatuu dirqama" yaada jedhu irraa kaanee akka wantoota bu'uuraa hedduu barbaachisaa ta'aniitti ni fudhannaa? moo murtiilee kana gosa kaayyolee dameewwanii jala galchuufi gosa kaayyolee bu'uurawwan dameewwanii keessa galchutu nurra

jira? Akeektuuwwan qoqqoodaman kun sirrii ta'utti nu qajeelchan ni jiruu?

Seerri wanti *ofuma isaatii barbaaddamaa ta'uu jedhu* qooqqoodamiinsa beekkamaa ta'e kan kaayyolee bakka saditti qoodu san keessatti itti faayyadamamee jira.Akkasumas seerotiin biraaskan duraa duuba sirrii ta'e adda baasuudhaan seerotashari'aatii fi kaayyoleen isaa bakka isaan sirritti deebisanis ni jiru. Sunis yeroo qoranno dhimmaa ajajootaa, dhimma dhoorkamootaa, dirqamootaa fi mirgota garii kallattiiwwan amala ykn naamusa ifa galaa ta'een wal-qabateedha. Seerota kana qabxiilee armaan gaditti dhufan kana keessatti gabaabsuun ni danda'ama:

1) KeeyyatootaQur'aanarraa yookiin Hadiisaa irraa argamuun yookiin argamuu dhabuun, yookiin sahaabota irraa murtiin kana dura murtaa'e argamuun yookiin wantatokko irratti wal-ta'uun isaanii argamuu fi argamuu dhabuun dambii baay'ee barbaachisaa ta'e kankaayyowwan ittiin daangessuuf ykn gamaggamuuf fayyadan nuuf ibsa.Yoo keeyyatooto Qur'aanaa fi Hadiisaa keessatti argame,keeyyatootnnisun ifa ta'uu fi ifa ta'uu dhabuun isaa, keeyyatichi immoo hiika nu argisiisu murtaa'aa ta'uu ykn hiikkaa shakkii qabu ta'uun isaa ykn kan hiikkaan isaa ifa ta'ee ibsame, kan ofiif of ibsu ta'uun isaa ykn kan bifa walii galaatiin dubbatamee fi kan hiikkaan isaa wal-fakkaataa ta'e ta'uun isaa amallan dubbataman kunii fi kan isa fakkaatta sadarkaa murtii sanaa daangessuu fi gosa kaayyoowwanii ykn

dirqamootaa keessaa kam jalatti akka ramadamuu qabuu fi gosa kaayyowwanii sirrii jalatti ramaduuf tooftaa dhimma itti bayuuf nu qarqaaruudha.

2) Seerri biraakankaayyolee murteessuu irratti qorataa deeggaru, gara faayidaa ajajni tokko qabu ykn badii ajajni sun nama irraa deebisu ilaaluuti. Bu'aa ajajni fi miidhaa inni nama irraa deebisu addaan baasuun kun, dhimmootaa fi rakkinoota hawaasa keessatti baay'inaan argaman irraa kaanee, faayidaa fi hubaatii isaan qaqqabsiisuu danda'an irratti sammuu keenya dalagsiisuudha.

Namni qorannaa gaggeessu, faayidaan ajaja kana irraa argamu, faayidaa walii galaa nama hunda of keessatti hammatu fi dhimmoota jireenyaa keessaa ciccimoo waliin hariiroo qabaachuu fi dhabuu isaa addaan baafata. Akkasumas faayidaan kun gar-tokkee wantoota muraasaa qofaafi malee hunda hin hammatu ta'uu isaas addaan baafata.

Haqa jabeessuun fedhii bu'uuraa fi walii gaaati. Akkasumas dirree bulchiinsaa irratti marii gaggeessuun dirqamaa fi gaaffii nama hundaati. Garuu walii galtee bittaa gurgurtaa keessatti, kallattiiwwan gurgurtaa hammi isaa hin beekamne waan jedhamanitu jira. Akkuma kana liqii dhala hin qabnee fi bu'aan isaa nama baay'ee kan hin qabannee fi dhiibbaan isaas faayidaalee hedduu jajjaba ta'an kan hin tuqneedha.

Garuu ergaa fi kaayyoon shari’aa murtii lafa kaayameef deeggaruun, bu’aa murtiin sun qabu hubachuu fi miidhaa murtiin sun dhabamsiisu beekuun kan ifa namaa ta’uun murtii kenname san qofa beekuun oso hin taane, ergaa fi kaayyoo murtichaa san xiinxallanii carraaqqii fi qorannoo cimaa gaggeessuudhaani.

3) Qorataan kaayyoleeshari’aa kana ifa baasuufi gamaggamuu irratti waan isa gargaaru keessaa, qorannoowwan *fiqhii*fi gamtaawwan *fatawaa* murtiiwwan shanan wajjiin walqabatan *[dirqama, jaalatamaa, jibbamaa, ayyamamaa, dhoorkamaa*].Murtiileen shanan kun *Hanafiyyaa* biratti torba ta’u, [isaanis: jibbamaa jibbamuu isaa haraama ta’e fi dirqama “fardi” itti dabalan]. Qorataan tokko qorannoo gaggeessuudhaan beekkumsa dabalataa argachuu, akkasumas qoqqoodama *fuqahaa’onni* waan dhoorkamaa ta’een cubbuuwwan gurguddaa fi cubbuuwwan xixinnaa jedhanii bakka lamatti qoqqoodan sanitti deebi’uu qaba. Akkasumas qorataan tokko qorannoowwan fiqhii keessatti bu’uurawwan Islaamaa shanan yoo dubbise faaydaa irraa argachuu danda’a. Kun hunduu keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisaa ifa galaa ta’an irraa fudhataman. Wanti kana irraa hubatamuu qabu haala qoqqooddaa wanta akka jaalatamaa, jibbamaa fi cubbuu xixinnoo jennee ibsine san dhimmoota safuun wal-qabatantu jira.

4) Kaayyolee gamaaggamuudhaaf maloota dhimma itti bayuu qabnu keessaa tokko adabbiiwwan shari’aannama badii tokko raawwate irratti murteessite san itti deebnee qayyabachuudha. Kunis maal ibsa? Yoo jennne, safuu Shari’aan faallaa amala saniif qabdu fi ergaa amala sanii nuuf ibsa. Hayyoonni durii kanneen kaayyolee qoratan gara adabbiiwwaniitti deebi’uun ergaa dhugaa kan adabbiin sun karaa godhameef qayyabatuuf yaalii cimaa godhaa turan.

Adabbiiwwan irraa wanti hubatamu cubbuuwwan gariin kanakka maqaa namaa xureessuu fi dhugaatii macheessaa dhuguu, adabbiiwwan isaanii adabbii cibbuuwwan biraa kan akka ajjeechaa fi sagaagalummaatii gadi.Hubannoo safuuwwan adabbiiwwan kun eegan kaayyoowwan sadarkaan isaanii gadi bu’aa ta’an waan ta’eef sadarkaan barbaachisummaa isaaniitis gadi bu’aa ta’ee argama.

Dhugaatii nama macheessan dhuguu ilaalchisee wanti nuti as irratti daballu, adabbiin isaa jiilchaaf kan godhameedha. Ammas aangoon murtii kana fudhachuu ogummaa abbaa murtiitiif ykn mootii biyya saniitiif kan kennameedha. Qur’aanni adabbii yakka kanaa jala muree himuu dhabus, gosti adabbii kun tarreewwan adabbii keessa seenee jira.[17]

5) Hayyuun tokko murtiilee yookiin kaayyolee gamaggamuu yoo barbaade gara jabeenya yookiin laafina

[17] Kamaalii, Al-uquuba fisharii’a al-Islaamiyyaa, fuula 41-42.

waadaa yookiin doorsisaa waraabbiwwan shari'aa keessatti dhufeetti deebi'uu danda'a.Waadaan dalagaa tokko raawwachutti aanee dhufu ulfina hojii sanii akka ilaacha seera tumaa biratti qabnee ilaalluuf nu gargaara. Akkasumas keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisa keessatti barbaachisummaan hojii sanii haqaan akka ta'e nuuf ibsa.

Keeyyata Qur'aanaa fi Hadiisaa keessa wanti kaayyolee hundeetti akeeku ykn gara kaayyoowwan gadi aanuutti akeeku jiraachutu mala. Hundi keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa murticha mirkaneessu san irratti Qur'aaniifi Hadiisa kabajamaa sirritti hubachuudhaan ta'a.

Fakkeenyi sanii: waadaa guddicha nama abbaafi haadha isaatii tola oolaa ta'eef galame, cubbuu jibbaa nama abbaa fi haadha isaatti badii dalaguuf seename fa'a. Fakkeenyi bira immoo, doorsisa cimaa Hadiisa ergamaa Rabbii SAW keessatti argamu kan adabbii nama beekkaan ergamaa Rabbii SAW irratti dubbii kijibaa haasawu eeggatu ibsu.Fakkeenya lamaan kana keessatti ergaan isaa kallatiidhaan guutumaan guututti ifa galaadha. Itti aansuudhaan matadureewwan lamaan kuni sadarkaa dirqamotaa keessatti ramadamuun ni mala.Kan jalqabaa gosa maatii yookiin sanyii eeguu keessatti ramannee, kan lammaffaa ammo gosa amantii eeguu keessa oolchina.

Sodaachisuu lamaan armaan olii kana waadaa shari'aan nama haadha mana isaatii fi maatii isaatiif nyaataa fi wantoota bu'uuraa isaanii guutuuf baasii baasuuf galeen wal- bira qabnee

wal haa dorgoomsiifnu.Yookiin waadaa nama nyaataa bineensotaaf yookiin simbirroowwanii dhiheessuuf seenameen wal-biratti haa madaallu. Ergaan maatiif baasii baasuu wajjiin wal-qabatu maatii jiddutti jaalala, walii ajajamu fi waliif amanamuu jajjabeessuudha. Kunis sadarkaa kaayyoo barbaachisaatti gayuun isaa ni mala. Bineensotatti tola ooluun immoo sadarkaa wantoota bareechisoo keessatti ramadama.

Garuu kaayyoon xumuraa kuni (Bineensotatti tola ooluun) Hadiisota biraa keessatti sadarkaan ol aanaan kennamameefii jira. Hadiisa san keessaa tokko; dubartii Adurree manatti hiitee beelaan ajjeefteef adabbii baay'ee cimaa ta'een sodaachise. Namticha lubbuu sareeraasaa keessatti dheebuudhaan du'uu gehe baraareef immoo waadaan guddaan jannata seensifamuu akka galameef Hadiisni biraa nuuf ibsa. Hadiisonni biros kan dalagaalee ibaadaa nuti tuffannuuf mindaa isaa nuuf ibsu heddutu jira. Fakkeenyaaf: mindaa keeyyata Qur'aanaa muraasa yeroo murtaa'e keessatti dubbisuu, ykn aayaa/keeyyata san yero hedduuf irra deddeebi'anii dubbisuun, yeroo heddu Hadiisuma keessatti dalagaa xinno taateef waadaan guddaan yeroo galamu argina.

Yeroo hedduu gatiin hojiin tokko qabu boca ykn fakkeenya qofa. Xiyyeeffannaan kan kennamu hojii saniif otuu hin taane lubbuu hojii saniin walitti hidhatte irratti. Fakkeenyaaf: gocha yn dalagaa tokko keessatti mararfannaa fi gara laafina Muslima hojii san dalagu irraa yeroo mul'atu.

Akkaataan gaaleewwan waadaalee itti dhuftu tun baay'naan Muslimicha biratti dalagaa san jaalachuu isa keessattiuumuu itti fedhama. Akkasumas miira isaa gara gatii hojiin inni kabajaa hin qabneef sun of keessaa qabuutti kakaasuuf waadaan ykn doorsisni Hadiisotaa akkanaa keessatti odeeffaman kun ergaan isaanii daangaa Hadiisichaa keessatti qofa kan dhaabatu jechuu miti.[18]

Fakkeenyota olitti dubbataman irraa wanti qayyabatamu, ergaan ykn kaayyoon dhimma sadarkaa gad-aanaa irratti argamu tokko yeroo garii dhimmota muraasa keessattti sadarkaan isaa ol ka'a. Kunis yeroo dhimmoonni sun shororka cimaa ykn wanta jireenya namaa doorsisu fa'a yoo ta'ani. Si'a kana qorataan dhimma kanaa hariiroo kaayyoon sun haala naannoo isaa waliin kallattiin qabu xiinxallaa keessa galchuu qaba.

Bineensota balaa du'aa irraa baraaruu keessatti, dhimmoonni sadarkaa bareechumaa irraa gara sadarkaa dirqamootaattiol-ka'uu agarra. Kana jechuun immoo nuti ilaalcha bu'uuraa keenya kan bineensotaaf mararfachuu san walumaa galatti gara sadarkaa bareechuutti jijjiiruu qabna jechuu miti.

6) Qorataan tokko gatii fi ergaa murtiin tokko qabu hamma (baay'ina) dhimmichi sun Qur'aanaafiSunnaa keessatti irra deddeebi'amee dhufe laaludhaan hubachuu danda'a.

---

[18] -Annajjarii, Taf'iila Al-maqaasid, fuula 26-27.

Fakkeenyaaf: dhimmi haqaa, gara laafinaa fi obsaan wal-qabatu wantoota baay'inaan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa kabajamaa keeessattiodeeffameedha. Asitti kan itti akeekuun nurra jiru; hammi deddeebi'iinsaa baay'ee dhimmoota dirqamaa fi dhoorgamaa irratti baay'ee dhiibbaa hin qabu. Garuu barbaachisummaan deddeebi'iinsaa gama wantoota amalaan wali-qabatee irratti qabu baay'ee guddaa ta'a. Wantoota jaalatamaa fi jibbamaa yeroo Qur'aanni/ Sunnaan, dhimmi sun dirqama ykn dhoorgamaa ta'uu isaa nuuf ibsu, keeyyatoota biraa kan dirqama ykn dhoowwama dhimma kanaa irra deebi'anii nuuf mirkaneessan barbaaduu hin qabnu.

Garuu *Hanafiyyonni* irra deddeebi'amniinsa dhimma dubbatameetiif gatii guddaa kennu. Sadarkaa gatii isaas akka sadarkaa keeyyatoota dhimmi tokko dirqama ykn dhorgamaa ta'uu ibsuuti jedhu.

*Hanifiyyoonni* dirqama gara sadarkaa "fardi"/dirqama jedhanii moggaasaniittiol fuudhan. Wantajibbamaa ammoo gara sadarkaan jibbamiinsi isaaharaarmummaatti (almakruuhu tahriiman) ttidhiyeessu[19] jedhuun ibsu.Irra deddeebi'iinsi naamusaa fi amalaan wal-qabatan kundhiibbaan inni qabu, dhiibbaa keeyyatoota shari'aa keessatti ifaan ibsamanii caala.

[19] - Kamaalii, Mabaadi Al-fiqhi al-Islaamii (Kan ingiliffaan barraaye), boqonnaa murtiilee shari'aa jalatti.

## Kaayyoowwanii fi Carraaqqii

Shaaxibiin ilaalcha isaa kankaayyolee irratti qabuerga ibseen booda, kaayyolee shari'aa beekuun ulaagaa sadarkaa carraaqqiitti gahuudhaa dursee kan argamu ta'uu qaba jedha. Namni kaayyaawwan shari'aa irraa beekkumsa guutuu argachuu kana salphisee ilaaluu carraaqqiin isaa qajeelaa ta'uu dhabuu fida.Kunimmoo rakkina warra waan haarayaa/*bid'aa*argamsiisan qunnameedha. Warri bid'aa kun gubbaa Qur'aanaa qofa ilaalanii ergaa fikaayyoowwan isaa osoo hin xiinxaliin bira kutan.Warri bid'aa kun keessattuu *kawaarijoonni* keeyata hiikkaa wal fakkaataa qabu irratti xiyyeeffatanii akka fedhii fi ilaalcha isaaniitti hiikkaa itti kennan.

Yeroo hiikkaaa keeyyataa addaan kutanii keeyyatoota silaa walitti hidhamuu qabu gargar baasanii dhimma itti bahan agarra.Garuu, ulamaa'onni yookaan hayyoonni gurguddaan shari'aa kana akka qaama tokkoo kan gargar hin baaneetti ilaalu. Tokkoo tokkoo murtiilee shari'aa keessaa ergaa isaa bal'aa if kaayyoo murtiin sun buufameef hubachuun dirqama.[20]*Xaahir Ibni Aashuur* kan jedhamu hayyuun guddaan kun kitaaba isaa *Maqaasidu Al Shari'aa Al Islaamiyyaa* jedhamu keessatti kaayyoowwan shari'aa beekkuun gosa carraaqqii kamiyyuu raawwachuuf dirqama jedha.[21] Xaahir Ibni Al-Ashuur beektonni dirree carraaqqii isaanii waraabbilee akkuma inni jirutti

---

[20] Ibna ashur,maqaasid al-shariaa ,fuula -15

[21] Kitaaba dabre

qayyabachuun yaada jedhu irratti gabaabatanii jiru jedha. Kun immoo akka isaan keeyyattoota Qur'aanaa fi Hadiisaa irratti ilaalcha dhuunfaa isaanii hin daballe isaan dhoorkee jira. Hafuura ykn ergaa walii galaa keeyyatoota Qur'aanaa Fi Hadiisa akkaataa haala dhugaa lafa irra jiruun gargar baasuun isaanii sun dogongora.[22]

Yaada kana ifatti ibsuuf yaada beektonni Islaamaa dhimma *zakaa* irratti qaban haa ilaallu mee. *Zakaan*kan dirqama ta'u oomisha akka *Qamadii* ykn *Timiraa* fi gosoota biroo oomisha kanaan wal fakkaatan qofa irratti moo gatiin madaala gita *zakaa* sanii maallaqaan kafaluun ni danda'ama?

*Hanafiyyaan* haala kana keessatti gatii *zakaa* maallaqaan kennuun ni mala yaada jedhu deeggaranii jiru.*Imaamu shaafi'iin* (204 H//820 A.L.A du'an) yaada kana irratti *Hanafiyyoota* faallessanii jru. Ilaalchi Hanafiyyootaa yaada*zakaan* wanni karaa godhamteef hiyyeessa rakkina irraa baasuuf jedhudha. Kun immoo oomisha san yookiin maallaqa gatii oomisha sanii wajjiin wal gitu kennuudha jechuun amanu.

*Ibnu Qayyim Aljawziyyaan*sadaqaa fixrii ykn kennaa yeroo baatii ramadaanaa hiikan kennamu ilalchisee Hadiisni *Timirri* gosa nyaataa kennamuu qabuudha jedhuufi Hadiisa biraa kan oomishaalee gosa midhaanii biroo kennuun ni ta'a jedhu arge. Oomishaaleen kun gosa nyaata warra magaalaa

[22] Kitaaba dabre kana

*Madiinaa* fi naannoo isii jiraatanii ture. Kanaafuu Ibni Al-Qayyim kaayyoon bu'uuraa kan nyaata kana kennachuu keessa jiru harka qalleeyyota rakkoo irraa baraaruudha malee gosa nyaataa rakkataaf kennamu daangessuufi miti yaada jedhu irra gahe.[23]

ImaamMaalik (179 H/795ALA.du'e) namaqabeenya isaa irraa waggaan osoo hin gayin *zakaa*baasu irraa gaafatamanii, dhuma waggaa irratti zakaan dirqama isatti ta'a? Jennaan,yoo osoo waggaan isatti hin naannayin dursee baase, zakaa isaa xumura waggaa irratti lammata irra deebi'ee baasuu qaba jedhanii deebisan. Akka maddaatti kan isaan itti fayyadaman, murtiin namni tokko salaata dirqamaa osoo yeroon isii hin seeniin yoo salaate wayta yeroon isii gayetti irra deebi'ee salaatuun dirqama jedhutti gargaarsifatanii, dhimmi zakaa dursanii kennuus irra deebi'amee dhuma waggaatti kennamuu qaba murtii jedhu kennan.

Garuu *fuqaha'onni Maalikiyyaa*kanneen Maalik duuba dhufan kanakka I*bnal Arabii* (543 hi/1148 ALA du'e), *Ibnu Rushd* (520 hi/1126 ALA du'e) murtii kana jijjiiranii jiru. Zakaa yeroo isii dura kennuun ni hayyamama jedhanii jiru.Ilaalchaisaanii kanaa irratti ragaanisaan dhiheeffatan salaataa fi zakaa jidduu garaa garummatu jira jedhan. Salaanni yeroo murtaa'e wajjiin wal-qabataa waan ta'eef, zakaa kennuun

[23] *Ibni al qayyim 'I'ilaam al muwaqi'iin, keeyyata,3;fuula 12*

ammoo yeroo murtaa’e wajjiin wal-qabsiisuun isa hin ibsine. Kanaafuu zakaa yeroo isaa dursanii baasuun ni mala. Keessattuuturtii torbeelee muraasa kan hin caalle yoo ta’e bareeda, inumaayyuu san caala dursanii dabarsuunisni ayyamama.[24]

Warri Hadiisaa Abuu Haniifaa irratti komii qaba jedhu sunis jecha Hadiisa kabajamaa faallessee murtii Hadiisichi dubbatuun ala kan biraa deeggara jechuun qeqan.Garuu yeroo gad fageenyaan ilaalan,Abuu Haniifaa murtii Hadiisicha dubbatu irraa hin garagale Qur’aanaafi Hadiisaatti gargaarsiffachuun ergaa hadiisichaa erga qayyabatee booda, yaada hadiisicha faallessuu yoo arge malee.

Hubachiisni biraa immoo carraaqtonniifi abbootiin murtii yeroo tokko tokko dhimmoota walii hin galamin irratti murtiilee murteessan ture.Sana booda qorannoo geggeesanii akka murtiin isaan Kennan sun shari’aafi ergaa isii wajjiin kan walhin ginne ta’uu hubatan. Yeroo sana abbaan murtii murtii isaa kan jaqabaa sani ni jijjiira.

Haaluma wal-fakkatuun rakkinni akkanaa walii galteelee keessatti ni mul’ata. Walii galtee keessatti gareeleen jiran bifa seera qabeessa ta’een waliif mallatteessu. Si’a kana qaamni lacheenuu wanta irratti walii galame san gara hojiitti hiika. Kana booda sababa hin eeggamneen garee san keessaa tokko walii

[24] Al-Riisuunii, nazariyyatal maqaasid, fuula 338

galtee san keessatti miidhamuun isaa ifa yoo gale abbaan murtii walii galtee kana dhaabsiisuu qaba.

Walii galteen dirqisiisaa ta'ee akka itti fufu fudhachuu hin danda'u.si'a kana walii galteen kuni haqa qaamota walii galanii wal-ta'icha keessaa qaama tokko waan miidhuun ifa bayeef walii galteen kuni dagatamuun isaa hafiinsa hin qabu. Kan ta'uu qabu dubbii irratti walii galame san bifa haqa qabeessaan kaa'uudha. Haqni immoo bu'uuraa fi ergaa shari'aa keessaa qaama tokko. Walii galtee san seera qabeessa godhanii mirkaneessuu irraa haqummaa kana eeguutuu caala. [25]

Kaayyolee shari'aa gurguddoo fi murtii hayyuun Islaama tokko qiyaasa irratti hundaa'ee fudhatu jidduu wal-dhabiinsii mul'achuu ni danda'a. yeroo kana hayyuun carraaqqiin taasisu kuni yaada ykn murtii qiyaasaa irraa argate san irratti gogee yoo hafe, firiin qorannoo isaa fudhatama dhabaa taasisa. *"Istihsaan"* wanta jedhamutti fayyadamuun murtii biraa kan ergaa ykn kaayyoo shari'aatiin wal-gitu irra gahuu qaba.

Carraaqqiiilaalchisee gamni biraakanbeekaan *(faqiihni)* xiyyeeffannoo isaa kennuufii qabu carraaqaan gara bu'aa xumura carraaqqii isaatiif waan murtichi sun xumura irratti itti nama geessuu danda'u sammuu isaa keessatti dursee tilmamuu qaba.

[25] Wahbatul zuweeylii, al-fiqhi al-islaamii wa adillatuhu, maxxansa lammaffaa, fuula 32

Yoo carraaqaan carraaqqiixumuraalee murtiin sun argamsiisuuf deemusan ija hubannootiin hin ilaallu taanaan carraaqqiin isaa ni fashalaaya. Fakkeenya kanaa sunnaa keessatti arguu dandeenya. Ergamaan Rabbii (saw) waan murtiin sun itti geessuu danda'u irratti waan biraa dursanii xiyyeeffanna kennuufi.

Fakkeenyi kanaa *Munaafiqoonni* sochii badii dalaganii yeroo turanitti sahaabtonniErgamaa Rabbii, Rasuulli (saw) munaafiqoota kana ni adabu jedhanii eegaa turan. Garuu ergamaan Rabbii (saw) tarkaanfii adabbii munaafiqootaa irratti hin fudhanne. Waan san irratti yaadni isaanii akkana ture 'Muhammad waahiloota isaa ajjeesa naan jedhanii sodaadhe' jechuun deebisan.

Akkuma sanErgamaa Rabbii (saw) *ka'abaa* diiganii bu'uraalee duraaniin Ibraahiim (as) irraatti ijaare san irratti deebisanii ijaaruu didanii jiru. Warri *Makkaa*yeroo jaahiliyyaa keessa bu'uraalee Ibraahiim (as) ka'abaa irratti ijaaran san dhiisanii bu'uura biraa irratti ijaaranii turan. *Aa'ishaan* maalif *ka'abaa* diigdanii bu'ura Ibraahim ijaaran sanirratti hin ijaarre? jettee gaafannaan,ergamaa Rabbii(saw) akkana jedhan " Qureeyshonni reef Islaamummaa seenaa waan jiraniif sodaadhe malee, sila diigee bu'uura nabi Ibraahim iraatti deebisaayyuu [26]"jdhaniin.

---

[26] Al bukaarii al sahiih kitaab al manaaqib,

Fakkeenya lamaan darban kana keessatti, ergamaa Rabbii(saw) waan namni biraa sammuu isaa keessatti waan fudhatama qabu jedhee itti amanu san hin filanne.Innis haala jalqabaa keessatti Munaafiqoota ajjeesuudha, haala lammaffaa keessatti ammoo ka'abaa diiganii bu'uraalee Nabi *Ibraahiim* irratti deebisanii ijaaruudha.Wanti ergamaan Rabbi murtii kana fudhachuu danda'eef bu'aa ykn hubaatii tarkaanfii isaan fudhatan boodaan waan dhufuu danda'u gamaggamanii rakkinna biraa fida jedhanii waan sodaatniifi.

Dirree yakkaattiifi faallaa seeraa deemuu keessatti amalli baramaan jira. Sunis yeroo namni faallaa seeraa deeme yookiin yakka adabbii fudhachuu dirqama taasistu hojjate tarkaanfii irratti fudhachuu ture. Garuu haalawwan namayakkaa raawwateef dhiifama godhuun irra caalaa itti ta'utu jira. Abbaan murtii yookiin carraaqaan haalawwan akkanaa kana dursee hubachuutu irra jira.Yeroo murticha dabarsuu, haalawwan addaa kana sammutti qabatuun rakkinna argamee fi sababaa yakka san raawwachutti nama san geese beekuu qaba.

Shaaxibiin dhimma kana irratti xiyyeefannaa godhee jira. Sababaa baramaa waliigalaa dhimma isa fuul-dura jiru san ilaalchisee carraaqaan akka dhimmi sun haqa godhatutti murtii beekkamaa ittiin murteessu fi sababaaadda ta'etokkoof haala addaatiin murtiin ilaalamuufi akka qabu irratti daangaa sirrii ta'e kaayee jira. Haallan addaa kunis, haala carraaqaan yeroo murtii fudhatu xiyyeeffanna keessa galchuu qabuudha.

Akkuma namni tokko zakaa fudhachuu haqa godhatu, namni ragaa namaa bayuuf dhufe tokkos ragummaan isaa ni fudhatama moo fudhatama hin qabu jennee dursinee qorannoo taasisuu qabna. Bifuma kanaan namni carraqaanis sababa baratamaa dhimmi tokko qabu irratti sirritti qu'annoo godhuun isaa ni mala. Haa ta'u malee namni carraaqaan kuni dhimma addaa tokko irratti murtii addaa isa barbaachisuun hin oolu. Yeroo kana murtiin baratamaan sun dhimma addaa kanaaf ooluu danda'a moo hin danda'u jedhee ilaaluu qaba.

Kana jechuun namni carraaqqii godhu tokko murtiilee shari'aa fi ragaalee dhimma isatti dhiyaatee san qofa beekuun gahaa miti. Ilaalcha bareedaa fi ogummaa murtii dabarsu qabaachuu qaba. Kunis kan godhamuuf, akka murtiin inni fudhate sun firii walii galaatii fi bu'aa murtii irratti dabarse saniin wal-gitaa ta'ee argamuuf jecha.

## Bu'aalee Qorannoo Kanaa

Kaayyoleen shari'aa kun kan dhufan ajajawwan keyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa keessatti dhufan sanirra dhaabbachuun akka ta'e shakki hin qabu. Garuu kaayyoowwan kuni ilaalcha keyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa waliigalaa galmee wwan keeyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisa sanirraa cuunfamanii murtiilee waraabbicha keessatti dhufan qofa irratti hin hundaa'u.Asitti xiyyeeffannoon kan kennamuu fi qabu, jechootaa fi himoota keyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaacaalaa kaayyoolee fi ergaa

keeyyatoota Qur’aanaa fi irratti ta’uu qaba. Kaayyooleen shari’aa *usuulalfqhiin*irraa kan adda isa godhu, akkaataan ogummaa isaatii fi adeemsi isaa hin ulfaatu, waraabicha tokkoo tokkoo jechaatiin dubbisuunis qayyabanna namaa hin laaffissu.

Kanajechuun kaayyooleen shari’aa keeyyatoota Qur’aanaa fi Hadiisa dubbisuukana akka inni gosoota hedduu waan baay’ee of keessaa qabaatu taasisa. kun ammoo gama gosa barnootaa kanaan malee hin argamu, gosti barnoota kanaa kun gama hedduun kan adda ta’eedha.

Addummaan gosti barnoota kaayyoowwan shari’aa qabu keessaa gosa barnoota *Usul al-fiqhi* jedhamu keessatti utubaaleen isaa kan akka yaada walii gala *Ulamaa’otaa*, wal biratti madaaluu (qiyaasa) fi madaallii yeroo garii haala ajireenya hawaasummaa fi siyaasaa hawaasa Muslimaa ammayyaatiin wal hin gitu. Garuu barnoonni kaayyowwan shari’aa kun bakkee wiirtuu ta’e qaba. Shari’aa waliin hariiroo cimaa fi gitaa ta’e qaba waan ta’eef.

Ilmi namaa tokko osoo dhimmoota Shari’aa gadi bu’ee tokko tokkoon hin ilaalin ergaa bal’aa shari’aan dabarse hubachuu qaba. Barnota kaayoo Shari’aa kana irraa beekkumsa hanga wayii qabaachuu, barataa barnoota Shari’aa kanaaf sammuu banaa ilaalcha walii galaa irratti akka inni beekkumsa barnoota shari’aa gadi bu’iinsaan qayyabatuuf isa gargaara.

# KITAABNI KUN

*Kitaabni kun kaayyolee shari'aa keessatti qajeelcha gabaabaa lafa kaaya. Barressaan kitaabichaa Doktor Muhammd Haashim hayyuu ol'aanaa kaayyolee Islaamaa irratti ogeessa addaa ta'e, dhaabbata xiinxalla Islaamaa addunyaa wajjiin ta'uun qo'annoolee kutaalee shan qaban godhaa tureedha. Isaanis: hiikkaa akeekaawwan shari'aa, qoqqodaminaa fi qindoomina kaayyolee shari'aa, jijjiirama seenaa gosti barnootaa kun keessa darbee fi hayyoota gurguddoo ga'ee taphatan, tooftaalee kaayolee kanniin hubachiisuu keessatti hordofamanii fi hariiroo gidduu kaayyoleeti.*

*Kaayyoleen kunniin dhimmoota akka: gara laafinaa fi qajeellumaa, wal-ta'iinsa jidduu maatii fi hawaasaa cimsuu, gamtaan jiraachuu fi haqummaa fa'a eegsisan kanneen akka keeyyata al-anbiyaa107 fi yuunus 57 fa'a irratti xiyyeeffatan. Ammas ajajni Rabbii bu'aa qabaatuu, wuduuni qulqullina qaamaatiif, jihaadaa fi salaatni qulqullina ruuhiitiif, harka deeffachuun akka ajjeechaa irraa of qusataniif, daldalli dhala irraa bilisa ta'uu fa'a uf keessatti qabatu. Kaayyoleen shari'aa, 'waan baay'ee barbaachisaa', 'barbaachisaa' fi jaalatamaa tti qoodamu. Imaam al-Shaxibiin seera tumuu fi seera raawwatuutti qoode. Kuunniin hundee fi hordoftutti qoodu.*

*Garuu, dhimmi kaayyolee xiyyeeffannaa kan argate Imaam Al- Gazaaliin ta'uu fi booda Shaaxibii, Izzuddiinii fi Al-Juweeyniin fa'a haala gaariin irratti hojjataniiru jedha. Qorannoowwan fatawaa murtiiwwan shanan wajjiin walqabatan-dirqama jaalatamaa, jibbamaa, hayyamamaa, dhoorkamaa- fa'a ilaaluun murteessaadha jedha. Bu'aawwan Qorannoo kanaa keessaa: kaayyoleen shari'aa kan maddan ajajaawwan keyyatoota Qur'aanaa fi Hadiisaa keessa jiran irraa akka ta'eedha.*